




# GALAALCHA DIRREE



Bara 1 Lakk. 8 | Maxxansa Torbe | Wixata - Waxabajjii 7 - 2013 A.L.H | Gatii Qar. 2፡00


## PAARTII BADHAADHINAA HIRMAANNAA FI IRRAA FAYADAMTUMAA DUBARTOOTAA FI DARGAGOOTAAF XIYYEEFANNOON KAN HOJJATU JEDHAME.





Sochii fi Duula Filannoo Paartiin Badhaadhinaa Dirree Dhawaatti geggeesse irratti Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa damee Dirree Dhawaa Obbo Maabraatee Gabrayas haasawa taasisaniin akka jedhanitti Paartii Badhaadhinaa hirmaannaa fi irraa fayadamtumaa dubartootaa fi dargagootaaf xiyyeefannoon kan hojjatuu jedhan.

Obbo Maabraateen itti dabaluuniis paartiin Badhaadhinaa Karooraa fi Tarsiimoo Biyya teenya badhaatuu taasisuuf dandeessisan qopheefachuun waggoottan lamaan darban hojii raawachaa tureen bu'aawan qabatamoo galmeessuu danda'uu ibsanii filannoo Biyyaalessaa marsaa 6ffaa irratti sagalee ummataan Aangoo Mootummaa argachuuf sochii geggeessaa jiraachuu eeranii hawaasni Karooraa fi Tarsiimoo Paartii Badhaadhinaa hubactee akka filatuus dhaaman.

Haaluma wal-fakkaataa ta'een Paartii Badhaadhinaa Sochii Duula Filannoo Araddoottan kutaa Baadiyaa Bulchiinsaattiis geggeesseera.

Waltajjiin Sagantaa Paartii Badhaadhinaa Beeksisuu Adaadatti geggeefame.

Bulchiinsa Dirree Dhawaa Kilaastara Biyyoo Awaallee Araddaa Adaadaatti Paartii Badhaadhinaa Waltajjiin Sagantaa fi kaayyoo roga hawaasumaan, Barnootaan Paartii Badhaadhinaa yoo filame hojjachuuf qabate kurfiin beeksisuu geggeefame. Filannoof Biyyaalessaa marsaa 6ffaaf Paartiin Badhaadhinaa Araddaa Adaadaatti qaadhimamtoota dhiheefate

# Obbo Umar Ahmad

# Adde Caaltuu Ahmad

# Obbo Kadiir Usmaan

Filannoo Biyyaalessaa marsaa 6ffaa yeroo dhihootti geggeefamuun


(Gara fuula 11 tti naanna'e)


## BULCHINSA DIRREE DHAWAATTI EJENSII WABII MIDHAAN NYAATAA FI CARRAA UUMUU INTARPIRAAYIZOOTAA MODEELA TAHANIIF SADARKAA ITTI AANUTTI CEE'ANIIF BEEKKAMTII FI BADHAASNI GARAGARAA KENNAME



Bulchinsa Dirree Dhawaatti waltajjiin qophaa errat tintarpiraayizootaguddina agarsiisanni fi sadarkaa itti aanutti cee'aniif badhaasa mallaqaa fi beekkamtiin kenname.Watajjii kanarratti itti gaafatamaan ejensii wabii midhaan nyaataa fi carra uumuu kan tahan obbo Maarqoos Baayyuu,itti aanaa kantiibaa dirree dhawaa obbo Kadiir Jawaar dbalatee hoggantootn olaanoo bulchinsaa ol'aanoon garagaraa fi keessummoonni garagaraa argamaniiru.

Waltajjii kanarratti argamuudhaan itti gaafatamaan ejensii wabii midhaan nyaataa fi hojii uumuu obbo Maarqoos Baayyuu akka jedhanitti bulchinsa ummata fayyadamaa gochuuf carraaqii hedduun godhamaa ture jedhaniiru.Ejensii intarpiraayizoota maakiroo xixiqqaa oomishaa oomishtummaa qulqullina qabu guddisuuf dhunfaa fi gareen gurmaa'anii hojjatan fayyadamoo gochuuf kan hojjatama jiru ta'uu fi igziibshinaa fi baazaarii akka biyyaatti adeemsifamu irratti hirmaachuun muxannoo fudhanii kanneen birootiif qooduun bulchinsa keenya bakka bu'uun badhafamtoota tahuun nnamoota biraatiif fakkeenya taha oomishuu dandeenyeerra jedhan obbo Maarqoos.Guddina diinagdee biyya tokkoo mirkaneessuun kan danda'amu yoo lammiilee hunda hirmaatanii akkasumaas irraa fayyadamoo tahanii dha jedhan.Keessumattuu,erga jijjiiramaa booda akka biyyaatti imaammatni undagaleessa ta'e baafamee gara hojiitti seenuus dub-


(Gara fuula 9 tti naanna'e)


## KANTIIBAA AHMAD BUUH FILANNOO BIYYAALESSAA MARSAA 6FFAAN ILAALCHISUUN IBSA LAATAN.



Kantiibaan Bulchinsa Magaalaa Dirree Dhawaa Obbo Ahmad Buuh Filannoo Biyyaalessaa marsaa 6ffaan ilaalchisuun ibsa Tiivii Naannoo Soomaaleef laataniin akka ibsanitti Filannoo Biyyaalessaa marsaa 6ffaan kurfiin taasifamaa jiru haala gaarii irra jiraachuu eeranii Bulchinsatti Paartii Badhaadhinaa dabalatee Dhaabileen Siyaasaa 10 dorgomaa jiraachuu fi hanga ammaattiis kurfiin duula nafiladhaa haala gaariin geggeefamaa jiraachuus addeessan.

Kantiibaan Bulchinsa Magaalaa Dirree Dhawaa Obbo Ahmad Buuh Filannoo Biyyaalessaa marsaa 6ffaan ilaalchisuun ibsa laataniin akka jedhanitti Filannoo Biyyaalessaa marsaa 6ffaaf kurfiin Bulchinsa Magaalaa Dirree Dhawaatti taasifamaa jiru haala gaarii irra jiraachuu eeranii Bulchinsatti Paartii Badhaadhinaa dabalatee Dhaabileen Siyaasaa 10 dorgomaa jiraachuu fi hanga ammaattiis kurfiin duula nafiladhaa haala gaariin geggeefamaa jiraachuus addeessan

Dirree Dhawaatti Filatoonni 202,723 Kaardii filatootaa kan fudhatan yoo ta'u Kaardii filatootaa fudhatan kuniis Dhiira 105,182 fi Dubartiin 97,550 taachaas raga Odeefannoo Fuula Hawaasummaa Boordii Filannoo Biyyaaleessaa irraa arganne ni mul'isa.

**JAALALAA FI DHIIFAMAAN IDAA'AMUUN BU'URA JABAA AMNA BADHAADHINA KEENYAATI!!**

## AKKA WAL FUUDHAN OTOO BEEKANII ‘NATTI HEERUMTAA GAAFACHUUN MAALI?



Qophii galaacha dirreetiin dhiyaatan keessaa tokko kan ta’e qophiin dinqisiifannaatiin mata duree diqisiifachuun qaroomina jedhuun kan ittiin dubbistoota keenya biraan ittiin geenyuu dha.Dhuguma dinqisiifachuun qaroomina.Maaliif wantoota raajii ta’an kan uumamaa, kan namatolchee kanneen garagaraa ta’an dinqisiifachuun waanuma baramee dha.Kanaafi gaa nutiis taateewwan raajii ta’an barbaannee kan nuti dubbistoota keenya biraan ga’uuf yaallu.qophii dinqisiifachuu keenya arraatiin yeroo dhiyoo asitti jaalalleewwan lamaan osoo akka wal fuudhan beekan ‘natti heerumtaa’ jedhanii gaafachuun baramaa waan dhufeef ,mee akka wal fuudhan kan beekan akkamitti akka natti heerumtaa wal gaafachuu ajaa’ibsiifannee qophii galaalcha dirreetiin qabannee akka armaan gaditti qiqindeeffannee akka armaan gadiitti kan isin biraan geenyu taha. Isiniis dubbistoonni keenya galaacha dirree qophii teenya kan dinqisiifachuu arraa obsaan nuu dubbisaan afeerra teenya.Dur akka aadaatti fuudhaa fi heerumni adeemsi mataa saa qaba.Haa ta’uu malee yeroo ammaa akka aadaa teenyaatti wal fuudhuun hafee akka aadaa biyya ormaatti yeroo wal fuudhan waan ajaa’ibaa ta’ee mullateera.Wanni ofii yeroo qaban waan hin beeyneef namatti hin bareedu, yoommuu dhabne kan nutti mul’atu.Kanaf waan keenya dhiisnee kan namaa nutti bareede natti fakkaata malee osoo keenya bareedaa qabnuu fokkataan ormaatti hiin fayyadamnu ture.Otoo beekne ta’ee bareedaa namaarra keenyuma bareeduus,fokkatuus fayyadamna turre malee aadaa namaa keenya goonee hin fayyadamnu ture.Dhaloonni nu boodaan dhufan nurraa baratu waan ta’ee waan nuti goone isaaniif waan guddaa dha.Gaariis ta’ee badaa dhaloota dura jirurraa waan barataniif waanuma dhaloonni dura jiru hojjatu hojjatan waan ta’eef nuti dhaloonni amma jiru dhaloota nu boodaan dhufaniif waan gaarii dhaalchifnee dabruu qabnaan dhaamsa qophii teenya arraati .

Yeroo dhihootiin asitti dargaggoonni cidha isaaniin dura sagantaa qopheessanii ‘natti heerumta gaafachuun’baramaa dhufeera.Kuni sirna naqannaa isa aadaa Oromoo waliin walii maali?Akka wal fuudhan otoo beekanii ‘anatti heerumtaa?’gaafachuun maaliif barbaachise?

Namoonni muxannoo kana qabanii fi ogeeyyii xinsammuu dhimma kana xinxalan odeeffannoo kan qindeeffanneeera.Ribqaa WaaqTolaa sirna gaa’ilaa ishee torbee lama dura kan raawwtte.Cidha isheen duraas abbaan warra ishee amma gaaffii natti heerumaa akka dhiyeesseef dubbatti .Jalqaba jaarsummaa ergatee ture.Erga maatiin tole jedheen booda sagantaa ‘natti heerumtaa?qopheessee na gaafate.Aniis yeruma san harka fuudhe’’ jetti.Ribqaa guyyaa gaaffiin kun dhiyaateefakkaan gammaduu fi gaafii kanaas eegdee akka hin turre dubbatti.’’Guyyaa sanbatarraa hojiidhaa bahee ,hiriyyoota koo yeroo baay’ee wal arginu hoteela Bolee jiru tokkotti walargina jennaan arguu deemne.Yeroon ol seenu manichi dukkana ture,nama tokko hin argine ture.Achii baay’atanii gaafa isaan arginu lapheen koo na rukute,hin eegne ture gaafasitti’’

Kana booda jilbiifatee na gaafatee,qubeelaa naa qopheessee tures naa kenne,’’jechuun guyyicha nyaataa fidhugaatiin qopaa,ee akka tures yaadatti.Misirrittiin kaadhimaan ishee yerosii akka inni ishee fuudhu murteessitee akka turte dubbatti.Kana malees,guyyaana gaaffii ‘natti heerumtaa?’dhiyaateef maatiishee magaalaa Gimbii jiraatanitti jaarsummaa akka erges dubbatti.’’ Gaafa isaan achi jaarsummaa deeman,immoo asii sagantaa qopheesse,na didan silas jedheeti fakkaata ,’’jetti Ribqaan.Jaalalaan waggaa tokkoo ol kan dabarsan Ribqaa fi abbaa warra shee sagantaa sagantaa’natti heerumtaa’hiriyyoota isaanii baayyeen akka irratti hirmaatan dubbatti.Sagantaan kuni isheefis akka qophaa’uu malu akka beektu dubbatti.Erga kan hund beektee maaltu si dinqe?Maaltu[‘surprise’godheree jechuun gaafatamte.

Ribqaanis’’guyyaan ani eegnerra tahuusaa fi hiriyyoonni koo akkuma guyyaa kaanii koottu jedhanii na gowwoomsuu isaaniiti’’jette.Kanaafiin surprised’tahee .Naasuun gaafasicha nahe sitti hmuu hin danda’u,’’jetti.Sagantaan kun isheef kan ‘waadaa walii seenuu’akka tahe dubbatti misirroon kun.

‘Sagantaa natty heerumtaa eebba waldaan booda dhiyaate’

Waaqwayyaa Dassuu haadha warra saa Kanaadaa irraa dhufte kan fuudhe maatiisaarraa fagaatee Keeniyatttti ture .Haa ta’uu malee sagantaa gaaaffii ‘natti heerumtaa ‘kan qopheesse erga waldaan gaa’ela isaanii eebbisteen boodaa dha.’’Erga duraan gaaffii ‘natti heerumtaa’kan dhiyaatu otoo isheen natti hin heeruminii dha.’’jedha.Haa ta’uu malee jedha Waaqwayyeen jaalalleen saa biyya hambaa irraa dhufte waliin ‘waliin turuuf eyyemni waldaa Kiristaanaa waan nu barbaachiseef kanaaf warri waldaa dhufanii manatti nu eebbisan’’jedha.Torbee lama booda achumaan biyya Keeniyaatti sagantaa ‘natti heerumtaa’nan qopheesse jedha Waaqwayyaan.Haati warrasaa biyyatti yeroo deebitu iddoo maatiin jiranitti cidha gaggeessuu waan barbaanneef asitti waliin tahuun keenya namoota nu beekanitti beeksisuuf waan raawwannee dha jedhan.Sababi saas jedha Waaqwayyaan’’ nuti namoota waldaa kiristaanaa gatii taaneef beekamtii waldaan alatti gaa’ela dura homaa gochuu ija hin barbaanneef isaanitti beeksifne,paastsrootaa fi jaarsolii waldaa muraasaan eebbifamne malee sagantaa achitti qophaa’e hin turre .Waldaan akkanatti eebba yookaan eyyama kennuunis baramaa dhufeeraas jedheera.Haa ta’uu malee yeroonsaa waldarbus akkuma dargaggoota kaanii n bara kana jaalallee saa ‘sagantaa suuraa ka’uu irra erga oolle booda uffata jijjiirachuu deemnee yoo deebinu sagantaa addaa qopheessinerratti ‘natti heerumtaa?’jedhanii isheenis gtii barbaadduuf tole jettee kanumaan ummatatti beeksifne jechuu dha’’ jedha.Waaqwayyaan’’anaaf wal fudhuu jechuun eebbadha sagantaan otoo jaalalleen kee hin beekin qopheessitee itti gammaddu kunimmoo balbala gara gaa’elaattidabrsuu dha jedheen yaada’’jedheera.

Kana ilaalchisuudhaan hayyoonni garagaraa maal jedhu laataa?Aadaa yeroo ammaa dhufaa jiru kun aadaa teenyarratti miidhaa moo faayidaa qaba?Faayidaa yoo qabaatees faayidaa akkamii qaba?

Hayyuun dawaa waa hundaati,Yoo itti fayyadamne.Yoo itti hin fayyadamne garuu nama bishaan biratti dheebotu taana.Kanaaf waan hayyoonni nu gorsan dhagahuun barbaachisaa dha.

Dr Alamaayyoo Faqqadaa Dhaabbata Qorannoo Aadaa Oromoo Yuunivarsitii Jimmaatti ittib gaafatamaa dhimma qorannoo fi maxxansaa ti.Qorannoo dhimma aadaa Oromoo garagaraa irratti nhojjataman akka arganiis ni himu.Dhimma naqannaa aadaa Oromoo yeroo dubbatanis yeroo durii sirna naqataa keessaa maatiitu dursee sanyii warraa fi amala walii qorata jedhan.Yeroo jaarsummaan ergamuus’’kun hundi erga qoratameen booda maatiin intalaa tole yookiin lakkii jedhuu danda’u’’jedhan. Milkiiniis waan ilaalamuuf gaheen maatii guddaa dha ;of eeggannoo cimaatiin kan adeemsifamuu dha.Naqatni erga raawwateen booda qophiin fuudhaa fi nheerumaatu taasifama .Dubartiin hodhaa garagaraa qopheeffatti ,meeshaa garagaraa kan fudhattee deemtu qopheeffatti.Gama gurbaatiiniis akkasuma cidhaaf qophiin ni taasifama jedhan.Haa ta’uu malee ‘’ gaaffii ‘natti heerumtaa’ yeroo ammaa akka ajaa’ibaatti adeemsifamuu ka-

(Gara fuula 9 tti naanna’e)

# Ijoo Dubbii

## Biqiltuun Nuuf waa hundaa oli

Nuti warra jiraatota Dirree Dhawaatiif Biqiltuun waa hundaa oli hundi keenya naannoon ykn Magaalaan teenya tan jaalalaa fi tokkummaa daran miidhagduu fi jireenyaaf iddoo mijooftuu taasifannee amma nuti irra jiraannee boruus ilmaan keenyaaf mijooftuu dhaalchisuuf biqiltuu dhaabnee kunuunsinee guddisuun hegeree Dirreef shoora nurraa eegamu haa bahannuu.

Harki caalaan teeysuma lafa Magaalaa Dirree Dhawaa lafa gamoojjiiti waan kana ta'eef kan Galaanni Gaarreen Harargee kan Dirree gama gubbaa marsanii jiran irraan bishaan roobaa walitti qabamee Dirree qaxaamuru yeroo gara garaatti miidhaa lubbuu namaa fi qabeenya irraan balaa geesisaa ture irrissuuf keessattuu laggeen Ciracha Galaanaa Moggaa lamaanitti Biqiltuu dhaabanii guddisuun bu'aa dachaa kan Magaalaa Dirree Dhawaaf kan qabu.

Bu'aan biraa qilleensa Dirree qabaneessuuf oowaa irrisuun haala qileensaa Jiraatotaaf mijaawaa ni taasisa keessattuu rakkoo oowaan cimaa kan Bitootessa Ebla , Caamsaa fi Waxabajii qilleensi akkaan dabalu kan hambisuuf shoora guddaa qabuudha.

Bu'aan innibiroo Biqiltuu laggeen Ciracha Galaanaa qarqara dhaabuun balaa miidhaa ol'aanaa kan lubbuu namaa fi qabeenya irra yeroo gara garaatti ga'aa ture irrisuu fi ittisuufiis faayidaan qabu baay'eedha.

Bu'aan innibiroo keessattuu Bulchiinsi Baasii ol'aanaan ijaarsa Darbii Ittisa balaa Galaanaaf Piroojektoota geggeessu gara ijaarsa bu'uraalee misoomaa kanneen biroof oolchuun guddina Magaalaa Dirree Dhawaa saffisiisuuf carraa kan uumuudha.

Biyyoota Ardii Afrikaa ongeedhaan miidhaman keessaa Itoophiyaan ishee tokko. Qonnaafi qoraaniif jedhamee waggaa waggaadhaan bosonni hektaara kuma 92 ni mancaafama. Kun kasaaraa guddaadha; qottoodhuma keenyaan gogiinsa ofitti harkiisuudha.

Eegumsa naannawaa keenya ashaaraa magariisaa keenyaan yoo cimsuu baannes gochich seenaarra hindarbu. Biqltuu dhaabnee rooba gannaatiin ala, lageeniifi haroowwan keenyatti fayyadamuu qabna.

Ashaaraa magariisi lafa bosonni irraa gogolaa'e deebisanii misoomsuun aadaa biqiltuu dhaabuu keenya gabbisa. Ashaaraa magariisi duula miti; akkuma mukkeen kan ciraman duulaan hintaane, hojiin ashaaraa magariisaas hojii duulaa ta'uu hinqabu.

Uumamni bosonaa kan eegalamu biqiltuu tokkooni jedhama. Nuti garuu biqiltuuwwan biliyoona afuriin waggoota sadan har'aa eegalle.

Waggoota 20 keessatti biqiltuuwwan biliyoona 20 dhaabuu karoorfannee marsaa sadaffaarraa qaqqabneerra. Kaayyoon keenya uwwisa bosonaa biyyattii %15 irra jiru waggoota muraasa keessatti %40tti deebisuu waan taa'eef hojichirratti hirmaannee Itoophiyaa magariisummaa haa uwwisnu.

**Guyyaa Naannoo Idil-Adunyaa**

**" Eegumsi Umamaa Misooma Biyyaaf "**




# Ajenda

## Fakkii Afriikaa ni taanaa, kana dhaabuu kan danda'u homtuu hin jiru:

***MM Abiyyi Ahimad***

"…Dhiibamuu ni beekna, qabsaa'uu ni beeknaa, hundaa ol moo'achus ni beekna"

'Inni waraanes, inni waraanames wal qixa fiiga'

Haasaa Muummeen Ministeera Abiyii Ahimad Sirna xumuraa koonfiransii Waldaa Misooma Oromiyaa damee Finfinnee irratti taasisan

"Kabajamoo Pirezidantii Mootummaa FDRI Aadde Saahilework Zawudee,

Kabajamoo Itti Aanaa Muummicha Ministeeraa Obbo Dammaqee Mokonnin,

Kabajamoo Obboleessa keenya Pirezidantii Baankii Afriikaa irraa kan dhufe Akin Adesina,

Kabajamtoota keessumoota guyyaa har'aa bakka kanatti argamtan hundaaf, baga ija nagaan wal arguu dandeenye, baga nagaan dhuftan! Isin arguu koottii baayyee baayyee gammaderaa, naa jiraadhaa, naa bulaa! Naa ce'aa! Naa ceesisaa! Tokkummaa keessan eeggadhaa, tokkummaa biyyaa eeggadhaa, Itoophiyaan biyya keessanii, kan ceesisu isinumaa, abdiin keenya isinii!

Wanta akka biyyaatti nu mudachaa jiru kana, hiriyaan koo tokko gaafa natti himuu: Namoonni lama karaa irratti wal lolu. Inni tokko cuubee (billaa) baafatee, isa kaan waraana. Inni waraanamee "na waraane" jechaa fiiga. Inni waraanes wajjumaan iyyaa fiiga. Namoonni dhaabsisanii "Maaliif fiigdaa?" jennaan, inni tokko "waraanameen fiigaa" jedhe. Inni kaan ammo "cuubee koo fudhatee fiigaa jiraa" jedhe. Inni waraanes, inni cuubee qaamatti godhee wajjin figus… bara akkasii keessa waan ta'eef, tasgabbii, hubachuu xiinxaluu, wal dhaggeeffachuu, haala ilaaluu fi wal iyyaafachuun baayyee barbaachisaa dha.

Akka biyyaatti wanta nu mudachaa jiru kanaaf, fakkii tokko dhiyeenya kana argeen ture, fakkiin kun mixii (gosa) lama qaba. Mixii diimaa fi mixii

(Gara fuula 9 tti naanna'e)

**Biiroo Dhimmoota Koominikeeshinii Mootummaa Bulchiinsa Dirree Dhawaa**

**GALAALCHA DIRREE**

**Torbanitti kan maxxanfamuu Ebla 18/2013 A.L.H kan jalqabame**

**Isniina Waxabajjii 7 Bara 2013 A.L.H**

**Qopheessaan Ol'aanaan**
Abdii Adam
(0915039254)

**Gulaalaan**
Iliyaas Aamee

**Qopheessitoonni**
Yaassiin Abdallaa

**Laayyaawutii fi Diizaayinii**
Sammaan Musxafa

**Photographer**
Selaam Abebe

**Bilbila** :- 025 111 60 61
**Fax** :- 025 111 49 72
**Email** :- info pubbure@yahoo.com
**Website** :- www.direcomm.gov.et
**Facebook** :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau
**Youtube :-** Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau

# Fireedii Fiigers

Fireedii Fiigers umurii isaa waggaa saddetiin ture kompiitera jalqabaa isaa kan argate. Garuu dulloomaafi kan hin hojjenne ture. Tahus jaalallli inni teeknoloojiif qabu asirratti jalqabuun nama kalaqaa, hojii uumuufi damee telekoomiin ammoo miliyenera adunyaa isa godhe. Yeroo yaadni isaa kun jireenya isaa keessatti mul'achuu jalqabu namoota muraasa qofa ture fuulduree isaa kan tilamaamuu danda'an.

"Haalotni kee akka eenyummaakee murteessan hin eeyyamiin," Gorsa gabaabduu dargaggoo ganna 31 hojii uumuun beekamu Fireedii Fiigers namootaaf dhaame.

Yeroo umuriin isaa ganna saddet ture, Abbaa isaa Naataan haala dhaloota isaa irratti abbaa isaa gaafate. Deebiin isaas kan dagatamu miti.

" Akkas jedheen," Dhaggeeffadhu, kallattumaanin sitti hima, Fireed. Haati si deesse si gattee ture. Anaafi Beetii Maayii gara kunuunsa daa'immaniitti si geessuu waan hin barbaanneef si guddifanne. Kanaaf ati ilmakooti."

Fireediin daa'ima xiqqaa tahee bakka balfi gatamutti [bakka kuusaa balfaa guddaa] baadiyaa Filooriidaatti gatamuun argame.

" Yeroo inni kana natti himu, tole, 'ani balfadha,' kanaaf nama barbaadamu miti jedhee natti dhagahame. Garuu gateettiiko irraan ofitti na qabee, akkas na jedhe, ' dhaggeeffadhu, haalli kun gonkumaa akka sitti hin dhagahamne.'"


Nataan Fiigersi hojii suphaa nama hojjetuudha. Beetii Mayii Fiigersi ammoo hojii qonnaa hojjetti. Kuwaansii, baadiyaa Kaaba Filooridaa uummata 8,000 qofa qabdu keessa jiraatu. Umuriin isaanii waggaa 50 keessa jira.

Ijoollee baay'ee kunuunsaa turaniiru. Garuu yeroo isa argatan reefu dhalatee guyyaa lama qofa waan tureef ofitti fudhachuuf murteessuun guddifatan. Fireediin jaalala inni barbaadu hundaa kennaafii akka turan hime. Garuu ijoolleen biroo Kuweensii keessa jiraatan isaaf gaarii hin turre.

"Ijoolleen na cunqursan [bully] turan. "mucaa balfaa" jechuun na waamu ture. ' mucaa kuusaa balfaa, namni tokkoyyuu si hin barbaadu,' ati balfadha," na jedhu jedhe.

Yeroo konkolaataa mana barumsaa keessaa bahee deemu ijoolleen duubakoon dhufanii na qabanii na darbachuun kuusaa balfaa keessa yeroo na buusanii yeroo natti kolfan nan yaadadha," jedhe.

Bakka abbaan isaa eegee konkolaataa irraa fudhachuun mana galu gahe. Garuu ijoolleen Naataan abbaa isaas akkasuma itti baacu ture. Fireediin yeroo yaadatu, akkas jedhuun,' Ha Ha,



ilaalaa jaarsa sana kuusaa balfaa waliin.

Hamma Fireediin beekutti, Naataanii fi Beetiin gototadha, fakkeenya gaariidha.

"Abbaan koo yeroo hundaa yeroo nama gargaaru argaan ture. Keessummoota karaa irratti dhaabachiisee gargaaraa ture. Warra mana hin qabne nyaachisaa ture" jedhe.

" Inni nama ajaa'ibaati, ofitti na fudhatanii na guddisan, anis akkasuma tahuun barbaada."

Xumura torbee irra Naataaniifi Beetiin naannoo " balfi gatamu" tokko irra konkolaachisaa turan- Wanti faayidaa qabau namootni gatan yoo jiraate barbaacha. Iji Fireedii kompiitera tokko irra bu'e.

" echa durii tokko jira. ' Kan tokkoof balfaa isa biraaf gatii jabeessa'" jedhe Fireediin. "Yeroo hundaa kompiitera na jaalladha. Kompitera hojii barbaadaan ture garuu yeroo sana bituu hin dandeenyu ture."

Dhuma irratti, yeroo umuriin Fireedii waggaa sagal guutu, suuqii meeshaan tajaajile itti gurguramu tokko bakka Guudwiil jedhamu dhaqan.

Achii kompitera cabaa Makintosh tokko bitanii galan. " Nama gurguru san amansiisne." jedhe Fireediin. Innis, Hey, $24, siifan kenna na jennan fudhannee galle, baayyeen gammade."

Raadiyoo, sa'aatii yookaan VCR kan Naataan walitti qabe walitti guuruu jaallatta. Amma kompiiteri Mac cabaan sun xiyyeeffannoo isaa taheera.

"Yeroon manatti argadhee naa dhufuu didu kompiitericha qofaattin fudhadha" jedhe Fireediin.

" Yeroon keessa isaa ilaalu kapaasiteroota caccabon arge. Qaam araadiyoo fi sa'aatii abbaakoo diigee baaseen boordii isaa irratti walitti suphaa ture."

Yaalii yeroo 50 booda, kompiiterichi hojjechuu jalqabe. Yeroo kana ture Fireediin jireenya teeknoloojii waliin dabarsuu akka qabu kan bare.

"Kompiiterri sun madaa cunqorsaa san hundaa narraa fuute," jedhe.

Yeroo mana barumsaadhaa fuudhamu yeroo hundumaa " dafee galee hamman kompiiterakoo waliin taphadhuttan ariifadha" jedhe.

Yeroo umuriin isaa waggaa 12 tahu dandeettiin isaa kun namoota biroodhaan baramuu jalqabe. mana barumsaa isaa keessattis yeroo ijoolleen taphatan inni ammoo kutaa qorannoo keessatti kompiteroota caccaban suphaa ture.

"Yoo qaamni kompiteraa haardweeriin isaa hojiin ala tahu kan biraan jijjiiraan ture. Yoo kan 'memory' dabalataa barbaadu tahe ammoo RAM isaa dabala. Yoo madda aannisaa barbaada tahe amoo san baaseen jijjira," jedhe.

Daarikterri mana barumsaa isaa kantiibaa magaalaa Kuwaansii waan taateef yeroo inni kompiteroota suphee hojiitti deebisu arguun, akka inni maatii isaa waliin gara galma magaalichaa dhufu gaafatte.

"Yeroon galmicha galu kompiteroota baay'ee natti agarsiifte, Oh, waaqakoo gara kompitera 100 ni taha, hojii dhaabaniiru." 'Akka kompiteroota kannen suphitun barbaada" na jette.

Yeroo sanaa eegalee, mana barumsaan booda kompiteroota kanneen suphaa ture. Sa'a tokkotti doolaara 12 argata ture. "Dhuguma dhimma maallaqaa miti," jedhe. Hojiin jaalladhu hojechuuf argachuu koon jaalaldhe. Ittan bohaara."

Kun jireenya Fireedii keessatti yeroo murteessaa ture. Umuriin isaa waggaa 15 ture. Amma mana barumsaa dhiisee bahuun biiizinesii kompitera mataa isaa banuuf murteesse- maatii isaaf rifaatuu ture.

Isaan barnootatti amanu, hojii, soorama, ani ammoo cancala sana cabsuun barbaade, waan addaa tokkon hojjechuu barbaade." jedhe.

Biizinesiin Fireedii cimaama deeme. Garuu wagootaan booda, Naataan dhibee Alzemirsiin qabame. Mallattoon isaa ammoo halkan walakkaa ka'uun waan TV irratti argee ture deebisee dubbata. Waan kana "waan sodaachisaa jireenyakootti na mudate" jedhe Fireediin.

" Gaaf tokko gara ganama sa'a lama taha. Abbaan koo gara biyyoota Lixaatti'Gunsmoke' kan jedhamu jaallata ture. Gara ciisichakoo dhufe. Inni taatoo fiilmichaa utubaa tahe Maat Diiloon of sehe. Qawwee harkatti qabateera. Akkas na jedhe.... "akka magaala kanaa baatun barbaada."

Fireediin akka jedhutti, "xiqqoo dadhabsiisaa" ture. Garuu qawwicha harka isaa irraa fuudhuun gara kutaa ciisicha isaatti galchee achitti gadi isa qabe.

Yeroo ganama ka'u garuu Naataan deemeera. Kun mallattoo dhibee Alzemirsi biraa yoo tahu duras akkasuma taheera.

Al takka takka uffata isaa guutuu uffachuu dagachuun akkasumatti baha. Kophee isaa garuu ni kaawwata ture. Waan kun kalaqa Fireediin bu'aa jalqabaa ittiin argateef isa kakaase.

Kanaafuu kophee abbaakoon argadhe. Soolee isaa kuteen banaa godhe. Keessa isaatti dabarsa aannisaa [circuit board] hojjechuun sagalee guddistuu humna meegaaherzii 90 qabu, maayikiraafoonii, networkii shuboo qabu waliin kophee isaa keessa kaa'e," jedhe Fireediin.

Sana ammoo laaptoopiikoo waliin walan qunnamsiise. Kun kaartaan guugil yookaan kaartaan Appil osoo hin dhufiin duradha. Sana ammoo karaa TomTom, miidiyaa Gaarmin walan qunnamsiise.

"Abbaanko callisema deema, Yeroo kana laappitooppiikoo irraa tuquun, 'hey abbaa, eessa jirta? Karaa sagalee guddistuu kophee isaa keessaan seenuun dhagahama. Innis akkas jedha, Fireed, bakkan jiru hin beeku!"

Fireed sana booda GPS fayyadamuun barbaadee bakka inni jiruu isa fida ture. Kana yeroo saddet ol hojjechuu hime.

Yeroo fayyaan Naataan akka malee gadu bu'aa deemu maatiin isaa akka bakka kunuunsaa ogeesotaan kennamu galu barbaadan. Fireediin garuu ni dide.


Kana irra abbaa isaa fudhachuun gara wal gahii biizinesii isaa deemu jalqabe. " Inni ana hin gatne, anis isa hin gatu," jedhe Fireediin.

Yeroo maamiloota isaa bira adeemu ammoo Naataaniin konkolaataa isaa keessa taa'umsa duubaa irratti dhiisuun, raadiyoo baneefii, qilleensa kan galchitu banee cufee deema.

Guyyaa tokko wal gahii irran ture. Karaa foddaan ala ilaale.... ooh waaqakoo, abbaankoo foddaa duubaa

(Gara fuula 9 tti naanna'e)

# Seenaa Doktar Artisti Alii Birraa



Hawwisoon Afran Qalloo yeroo muraasa booda mootummaa Fiwudaalaa Hayila Sillaasetiin dhorkame. Jaarsoliin biyyaa kan hawwisoo kana deeggaranii fi miseensonni hawwisoo kanaa ni hidhaman, kaansaanii ni ajjeefaman. Kana keessaa gara jabummaan kan ajjeefame Abubakar Muusaa tokko. Sochiin hawwisichaa karaa seeraa dhorkamus, sochiin karaa lafa jalaa itti fufe. Haaluma kanaan walqunnamtii Waldaa Wal-gargaarsaa Maccaa fi Tuulamaa wajjin uumun, akkasumas qabsoo ummani Baalee veggeessaa ture wajjinis hariiroo uumuu itti fufan. Namoonni kaan ammoo, kan akka Ayub Abubakar fi Yonis Abdullaahii, gara

**Seenaa Doktar Artisti Alii Birraa**

Doktarri kabajaa Artisti Alii Birraa waggoota 60 darbaniif sagaleesaa kilooleedhaan sirboota heddu afaanota garagaraatiin sirbeera; ammas sirbaa jira. Artsitiin kun Oromoof qaaliidha. Umuriisaa ijoollummaa, dargaggummaafi ga'eessummaa Oromoof kennee jiruusaa aartii taasifatee hojjeteera.

Kanaanis dararaafi miidhamni hedduu kan irra ga'e yoo ta'u, inni garuu osoo harka hinkennatiin ofii gadi jedhee Oromoo ol qabe, ofii biyyaa baqatee Oromoo biyyasaatti kabachiisee, ofii tuffatame Oromoo mataa ol qabachiiseera. Waliigala Aliin nama Oromoof dhalatee Oromoof jiraate waan ta'eef seenaasaa fuula tokkoon barreessanii xumuruuf yaaluun galaana fal'aanaan warabuun adda hinjiru.

Artisti Alii Birraa Baandii Afran Qalloo bifa qabsootiin ijaaramte keessatti dhalatee ba'e. Gaafa ba'u "Birraatu bari'e" jedhee weellisee, maqaan abbaasaa Birraa ta'e. Walleen sun birraa aadaafi aartii Oromootiif bari'uusaa kan ibse ture.

Aliin nama aartii Oromoo jalqabe, bu'ureesse, ijaareefi guddiseedha. Abbaa artistoota har'aa jiraniiti. Osoo inni dhalachuu baatee baay'een artiistootaa ni dhalatu jechuun rakkisaadha. Namni kun nama Oromoon deessee guddiftee Itoophiyaa, Afrikaafi addunyaaf kennite kennaa addaati. Nama Oromoon ittiin boonu, mana hojjetee Oromoo boonseedha.

Aliin barsiisaa dhalootaati. Akka nama tokkoottis, akka artisitittiis, akka qabsa'aattis nama fakkeenyummaa guddaa qabuudha. Kun dhaloottatti darbee dhaloonni dhaaluu qaba. Kana gochuuf ammoo sagantaan beekamtii kennuu daran barbaachisaadha.

Aliin nama aartiif dhalatee artiif jiraateedha. Nama ummatasaaf waan guddaa buuseedha. Waa'eesaa dubbachuun keessumaa nama beekuuf dubbachuun rakkisaadha. Namni kun akka biyyaatti, akka Afrikaatti nama addaati.

Aliin ogummaasaatiin nama dhibbaafi nama kuma. Gama muuziqaatiin qofa yoo ilaalle Aliin muuziqeessaadha, meeshaa muuziqaa afur shan waan taphatuuf ofumasaayyuu baandiidha. Afaaniin yoo fudhatame namni Afaan torbaan sirbe Itoophiyaa keessa hinjiru. Artiistiin hojiif na barbaachisa jedhee afaanota saddeet dubbachuu bares hinjiru. Sagaleensaa kiilooleefi akka nama ja'aa torbaatti kan weellsiudha. Ergaan sirbootasaa miidhagoofi yoomiyyuu kan hindagatamneedha.

Namni hojiisaatiin xiqqaa guddaa biratti jaalatamu, kan sabaafi sablammiin jaalatu hinjiru. Akka Oromootti, namni yeroo jalqabaaf muuziqaa godinaalee Oromoo walitti fide isa. Dirre Dhawaa taa'ee, Salaaleettin gulufa kan jedhu, Jimma kan kaasu Alii Birraati.

Karaa hundaan fakkeenyummaa addaa qaba. Namni gara muuziqaatti dhufu saba kam keessaayyuu yoo ta'e sirba shaakaluu kan jalqabu sirbootasaatiini. Weellistoonni hedduun gaafa sirba eenyuutiin sirba eegalte jedhaman kan himatan isa. Namoonni kilabii garagaraa keessa sirban Alii Birraan buddeena ta'eefi ittiin jiraatantu jira.

Alii Birraa nama aartii Oromootiif wareega guddaa kanfaleedha. Gaafa jalqaba Finfinnee dhufe qarshii 20fi uffata halkanii maramte tokko qabateeti. Obbeeleessa hinqabu; fira hinqabu. Dirre Dhawaa keessatti waggaa tokkoof akka manaa hinbaane, ganama ganama waajjira poolisiitti akka mallatteessu, dhaabbiidhaan hidhamee, magaalaa Harar keessatti ji'oota ja'aa hidhamee, weellisuuf jecha gaafa Jibuutii seenu daangaa cabsee jedhamee waggaa tokko hidhamee, nama ijoollummaadhaan gidiraa keessa galeedha.

Aliin nama ummata kanaaf sagalee ta'ee jiraate, qabsoo mirga Oromootiif wareega guddaa kanfaleedha. Oromoota biyyaa ba'anii ala jiraataniif abbaafi obboleessa ta'ee kan jajjabeessu, kan walfuusisu isa. Ambaasaddara Oromoofi Itoophiyaa ta'ee addunyaarra deemuun Oromoon maal akka ta'e kan beeksiseedha. Warreen nu tuffataniin walnu qixxeessee isaanii ol nu geesse waan ta'eef kabajni inni qabu guddaadha.

Alii Birraa kabajuun dhaloota kabajuufi, isaaf beekamtii kennuun namoota isa waliin turan hunda yaadachuufi kabaja kennuudha.

Alii keessatti Oromummaa, tokkummaafi miidhagina Oromummaatu mul'ata. Kanaaf isaaf kabaja kennuun Oromoof kabaja kennuudha.

Kana qofa mitii Aliin kitaaba deemuudha. Innumti seenaadha. Seenaan isaammoo isa barreeffame dhumu miti.

Akka waliigalaatti Aliin injinarii aartii Oromoof bu'uura kaa'eedha. Samii ogummaa Itoophiyaarratti ifee waggoota 60f ifee kan jiraateedha. Simboofi naatoo qabuun waltajjii kan guutuudha. Nama akka Alii deebisanii argachuu waggoota gaafata, kennaa Rabbii isa addaati. Yeroo Oromoo jibbaniifi tuffatanitti, lakki Oromoofi Oromummaan kana jedhee aartiidhaan agarsiisee diinota Oromoo kan afaan qabachiiseedha.

Doktarri Kabajaa Artisti Alii Birraa artiistii, gameessa, beekamaafi jaalatamaa Oromoon qabudha. Seenaa aartii Oromoo keessatti nama osoo addaan hinkutiin waggoota dheeraaf weellisedha. Akkasumas dandeettii addaa akka aduu ifaafi guddachaa deemu kan qabu, jaarraa walakkaa oliifi osoo addaan hinkutiin nama guddina aartii Oromoofis ta'e biyyaaf gumaacha olaanaa gumaachedha.

Artisti Aliin nama ofii dukkana keessa taa'ee aartii Oromoo ifatti baasedha. Weelluuwwansaa keessattis sirbuu qofa osoo hintaane ergaawwan ajaa'ibsiisoo saba ijaaran kan hindulloomneefi yeroon irra hindabarre, kan dhaloota kaleessaa tajaajilan, kan dhaloota har'aa ittiin jiraatu, kan fuulduraas kan ittifayyadamu nama sirbeedha.

Sirbootasaa keessaa kanneen akka "BarnootaaX2 ammas barnootaa, kana ta'uu qaba kaayyoon Oromootaa; Afaan Oromoo hundee Oromummaa; Asaabaleewoo, guraamaleewoo, karaan mana abbaa Gadaa eessaa dhaqeen galmasaa jajjabeessaa, taa'een seenaasaa babbareessa… fi kkfn sirboota dukkanaa keessa taa'amanii Oromoo ijaaruufi jajjabeessuuf sirbamaniidha.

Kana qofa osoo hintaane sirbootasaa keessa miirri gartummaa kan hinjirreefi dhaloota sadarkaa hunda kan ijaaruudha. Haala kanaan nama aartii Oromoo mataa ol qabachiisaa dhufeedha. Kunimmoo sirbitoota jalaa dhufaniif fakkeenya waan ta'uuf beekamtii kennuufi galateeffachuun barbaachisaadha.

Namni kun gaafa waggoota 60f haala miidhagaa ta'een hojiiwwan eeraman hojjetu waan hundi mijataa ta'eefi miti. Bu'aa ba'ii hedduu keessatti osoo abdii hinkutatiin, kaayyoo ofiirraa asiifi achi osoo hinjedhiin, osoo qilleensa yerootiin hinfudhatamiin waggoota dheeraaf kan ummata tajaajileedha.

Afaan Oromootiin qofa osoo hintaane Af Somaaleetiin, Afaan Affaariin, Afaan Amaaraatiin, Afaan Ha-

(Gara fuula 8 tti naanna'e)

# Dhiibbaa hanqinni nyaataa bilchina sammuu daa'immaniirratti qabu

Guddina sammuufi qaamaa daa'immaniif nyaanni isaan yeroo ijoollummaa argatan baay'ee murteessaadha.

Guddinniifi bilchinni seeliwwaniifi kutaawwan qaamaa garagaraa erga dhalatanii boodallee waan dabaluuf daa'imman nyaata madaalamaa argachuun baay'ee barbaachisaadha.

Sammuun daa'immanii sababa garagaraan ni hubama. Keessattuu dhalatanii hanga waggaa sadii kan jiran bilchina sammuusaaniif nyaata garaagaraa ni barbaadu. Miidhaan kunis erga dhalataniifi gadameessa haadhaa keessatti dhiibbaa irratti uuma.

Haati tokko ulfooftee nyaata gahaa kan akka pirootinii qabanii, albuudota garagaraa kan akka ayiraanii, ayoodinii, foolik asiidiifi vaayiitaaminoota gosa B, C, D yoo argachuu baannaan daa'imman gadameessa keessa jiran irrattis dhiibbaa qaba.

Innis:

1. Qaamaan guutuu tahanii dhalachuu dhabuu malu,
2. Seelotni qaama isaanii miidhamuu mala,
3. Ulfaatina gahaa qabaachuu dhabuu malu,
4. Dhalatanii dandeettii yaaduu isaanii ni huba.

**Hanqinni isaanii miidhaa maal qaba?**

1. Dandeettii yaaduu sammuu ni hir'isa.
2. Xiinsammuu isaani ni huba.
3. Dhiphina sammuuf sababa tahuu danda'a.
4. Nyaata pirootinii gahaa yoo dhaban kutaa qaamota garaagaraa ni huba.
5. Hanqina dhiigaan ni hubamu.
6. Golgi sammuu (skull) dafee akka cufamu gochuun guddinni sammuu akka hubamu taasisa. Kunis dhibee garaagaraaf akka saaxilaman isaan godha.
7. Dandeettii afaan dafanii barachuu isaanii ni huba.
8. Jajjabina qaamaa hubuun akka yeroo isaanii eeganii garagaluu, dhaabbachuufi deemuu hindandeenye taasisuu danda'a.
9. Yeroon yoo argamee yaalamuu baatan maashaalee qaamotaa hubuun kufaatii maashaaleef ni saaxilamu.

**Daa'imman dhalatanii ji'oota ja'a keessatti maal argachuu qabu**

1. Harma haadhaa hanga baatii ja'aa hodhuu qabu. Yoo xiqqaate guyyaa keessatti si'a 8- 12 hodhuu qabu.
2. Guyyaa 10 irraa eegalee ifa aduu gara ganamaa 3:00-5:00 LT (akka sa'aa biyya keenyaatti) daa'imman ala baasuun akka ifa aduu argatan gochuu. Kunis vaayiitamin D kan jabina lafee daa'immaniif gargaaru akka argatan isaan godha.
3. Daa'imman yeroon gahee dhalatanis tahu kan hingahin dabalata aduurratti Shirooppii vaayiitaamin Dfi kaalshiyeemii qabu fudhachuu qabu. Kana jechuun bakka aduu bu'a jechuu osòo hintaane akka dabalataatti gargaara jechuufi.
4. Ijoolleen guyyaan gahee dhalatan ji'a 4 ykn immoo ulfaatinni qaama isaanii dachaa lama yeroo dabalu Ayiraanii argachuu qabu. Kan yeroon hingahiin dhalatan ji'a 1 gaafa gahan argachuu qabu. Ayiraniin karaa mana yaalaan waan kennamuuf mana yaalaa deemanii daa'immaniif kennisiisuun baay'ee barbaachisaadha. Ayiraniin faayidaa ijoo guddaa inni qaama daa'immaniif qabu keessaa tokko seelii dhiiga diimaa oomishuu keessaatti qooda waan qabuuf daa'imman akka isaan hir'ina seelii dhiiga diimaaf hinsaaxilamne godha.
5. Daa'imman harma haadhaan ala nyaata bifa foormulaan faarmaasii ykn suppermaarkeettii garaagaraa irraa bitamuun fayyadaman elementiifi wantoota armaan oliitti eerre waan of-keessaa qabaniif kan armaan olii hinbarbaachisu. Foormulaan of keessaa qaba waan taheef.
6. Daa'imman hundi ji'a jaha booda immoo nyaata dabalataa argachuu qabu. Kuni jalqaba nyaata ijaarsaaf tahan kan pirootinii qaban yoo tahe gaariidha. Nyaata kanneen farmaasii garaagaraa irraas ni argama. Mana keessatti immoo nyaata akka Marqaas manatti wantoota garaagaraa irraa daa'immaniif qopheessuum isaan ni fayyada. Nyaata dabalataa baatii ja'a booda yeroo eegaltan nyaata lallaafaan eegalamee booda jijjiiruudha.

Daa'imni tokko gosootaafi akaakuuwwan nyaataa garaagaraa argachuu qaba. Kunis

⇒ Fuduraawwanniif kuduraawwan vaayiitaminii "A"n badhaadhan guyyaa guyyaan soorachuu.

⇒ Nyaata fooniif bu'aa foonii ta'an darbanii darbanii soorachuu.

⇒ Bu'aan nyaata foonii yoo hinargamnes kanneen nyaatawwan albuudawwan garaagaraaf viitaminii hedduu of keessaa qaban faarmaasii irraa bitanii kennuufin barbaachisaadha.

Akkuma daa'imni guddachaa deemuun baay'ina nyaataaf turtii nyaa-



taa daa'immmanii dabaluun barbaachisaadha kunis

⇒ Daa'ima baatii 6- 8= guyyaatti nyaata yeroo 2-3

⇒ Daa'ima baatii 9-12= guyyaatti nyaata yeroo 3-4f tursituu yeroo 1-2

⇒ Daa'ima baatii 12-24= guyyaatti nyaata yeroo 3-4f tursituu yeroo 2

Gama biraan suuta suutan hamma nyaataa daa'immanii jijjiiraa deemuun baay'ee barbaachisaadha. Kana jechuun baatii ja'aan gara jalqabaa hanga waggaa tokkootti nyaatawwan dhangala'aa tahaniin jalqabdanii nyaata lallaafaa nyaachisuu. Waggaa tokko booda nyaata maatiin nyaatu kan daa'ima hinmiine nyaachuu eegaluu ni danda'ama.

7. Hanqinni kun yoo irratti argame gara mana yaala dhihoo geessuun akka yaalaman gochuudha.

Hanqina Vaayiitaamin Dfi miidhaa inni Daa'immaan irratti qabu (RICKETS)

Vaayiitaaminiin qaama keenya keessatti faayidaa hedduu qaba. Vaayitaaminiiwwan kunneen karaa garaagaraa arganna.

**Vaayiitaamiin 'D' eessa irraa argatu?**

1. Aduun vaayiitaaminii gogaa keessa jiru akka faayidaa qaamaaf oolutti ni jijjiira, isaa booda gara tiruufi kalee deemuun inzaayimii dabalatee faayidaa irra oola.
2. Nyaata nyaannu keessaas ni argama.

**Hanqinni isaa akkamiin dhufa?**

1. Daa'imman dhalatanii yoo ifa aduutti baasuu dhiisan
2. Vaayiitaaminii dhaabbata fayyaa irraa argachuu qaban osoo hinfudhatiin yoo hafan
3. Daa'imman haati isaanii hanqina vaayiitaaminii D kana yoo qabaatte.
4. Dhibee kaleefi tiruun yoo hubaman
5. Hanqina nyaataa kanneen akka pirootiniin yoo hubaman fa'a

**Daa'imman irratti miidhaa maalii qaba?**

1. Sadarkaa itti deemuufi dhaabachuu qaban duubatti harkisa
2. Cabuu lafee, jal'achuu lafeefi yeroon cufamuu dhabuu qaawwa buqqee mataa isa fuulduraa (anterior fontanel), guddachuu dhabuu buqqee mataa
3. Infeekshinii garaagaraan ni hubamu. Ifeekshiniiwwan kan akka michii sombaa (pneumonia)
4. Dhiibbaan hidda dhiigaa somba keessaa nidabala (pulmonary hypertension)
5. Dadhabbii onneef ni saaxilamu.

**Akkamiin hambisuun danda'ama?**

Yeroo hedduu mala salphaa otoo tahee jiru daa'imman hedduutu hubama. Maloota armaan gadii fayyadamuu qabdu

1. Daa'imman dhalatanii guyyaa 10 irraa eegalee aduutti bahuun dirqama. Innis ganama sa'aatii 3:00 - 5:00 gidduun filatamaadha. Daa'imman keessan erga qaama dhiqxanii booda osoo uffata hinuffisiin, osoo dibata tokkoyyuu hindibiin ifa aduu keessatti baasuudha. Erga aduu keessaa ol galchitanii booda dibata daa'immaniin miila, harkaafi qoma dddiriirsaa sukkuumuudha. Kuni hanga daa'imti of dandahee fiigee bahuu eegaluutti itti fufuu qaba.
2. Daa'imman yeroo eeganii dhalatan baatii tokko irratti vaayiitaminii dabalataa bifa shirooppiin nifudhatu. Kan yeroo hingahiin dhalatan immoo torban lama gidduutti eegaluu qabu. Kunis sababii ofii qaba. Yeroon osoo hingahiin yoo dhalatan carraan dafanii hubamuu guddaa waan taheefi.

Kanaaf ijoon barumsa keenya guyyaa har'aa guddina qaamaafi sammuu daa'immaniif nyaatni isaan waggaa tokkoo gaditti argatan baay'ee murteessaadha. Nyaata madaalawaa albuudaafi elementiiwwan ijaarsa qaamaaf barbaachisan argachuun egeree daa'imman keessan boruuf karaa kan banu taha.

Kanaaf daa'imman keessan rakkoo kanaaf utuu hinsaaxilamiin ofeegganoof haalduree barbaachisu gochuun baay'ee barbaachisaadha.

**Fayyaa hindhabinaa!**

**Maddi:-Doktar Naafyaad Geetuu**

# Eenyummaa Keenya Waan Hojjennutu Hima

Dhalli namaa kaayyoo dhalateef sirriitti hubatee kaayyoosaa kanaaf yoo jiraate daandii namoota addunyaa kanarratti dhiibbaa gaarii geessisanii darban keessa akka isaan seenan kan taasisu dhoksaa cimaadha.

Akka dhala namaatti waanti guddaan beekuu qabnu hangam biyya lafaarra turuu keenyaafi hangam akka jiraanne, ganna meeqa biyya lafaa kanarratti akka dabarsine utuu hinta'in waan jiraannuuf sirriitti beekuu keenya. Jireenyi kaayyoo hinqabne jireenya akkasumaaniiti.

Jireenya hinjiraatamneedha jechuun nidanda'ama. Namni maqaan isaa Tomaas 'Carlyle' jedhamu "Namni kaayyoo hinqabne akka doonii meeshaa kallattii agarsiisu hinqabneeti" jedhama.

Namni kaayyoo hinqabne jooraadha. Akka doonii callisee galaanarra bololi'uuti. Sochii qofti jijjiirama hinfidu. Dhamaatiin qofti addaa addummaa hinfidu. Kaayyoo qabaachuun murteessaadha. Maaliif akka jiraataniifi du'an beekuu gaafata.

Namni kaayyoo qabu galma sirriis niqabaata. Kaayyoon galma kanaafis daandiidha. Namootni isa kana dagatan maaliif akka dhalatan dagatu.

Maaliif akka dhalanne dagachuu caalaa ammoo wanti nama gaddisiisu hinjiru. Sababa dhalataniif beekuun jireenya dhala namaa keessatti bakka guddaa qaba.

Namootni hedduun akkuma dubbatan dhalli namaa guyyoota adda addaa guguddoo lamatu jireenyasaa keessa jira jedhu. Isaanis guyyaa itti dhalataniifi guyyaa maaliif akka dhalatan adda baafataniidha.

Tarii namootni barreeffama kana dubbisaa jirru kaayyoon nuti qabnu maal fakkaata? Maaliif akka dhalanne hangam adda baafanne?

Tarii namoota hanga har'aatti gaaffii kana of gaafadhee hinbeeku jennu dabalatee misiraachoo guddaan yeroonsaa hindabarre.

Namootni hedduun jireenyasaanii keessatti kan milkaa'oo ta'an tarii akka yaada keenyaatti kan hindanda'amne yeroo itti fakkaatu keessatti.

Namootni baay'een keenya kanneen akka Harlandi Sandersi nama ganna 65 booda hojii irraa ari'atamee, daldalli inni eegales milkaa'uu dadhabuun dhumarratti kalaankala lukkuu magaaloa Ameerikaa keessatti eegaleen bara 1952 daandii namoota beekamoo keessa seeneera.

Namootni akka Duncan Hines ganna 73 booda nama milkaa'aa akka ta'e seenaasaaniirraa ni agarra. Isaan kanneen kan maqaa dhoofneef sababni cimaan namoonni yeroon koo darbeera



si'achi homaa tokko gochuu hindanda'u jechuun abdii kutatan inni guddaan isa kanaan dura darbe miti.

Inni sokkeera.

Xiyyeeffannoon keenya isa har'a keessa jirruufi isa gara fuula duraarratti karoora baafachuun daandii milkoominaati. Daandii jijjiiramaati.

Namni karoora qabuufi maaliif akka dhalate beeku haalliifi umuriin utuu hindaangessin lafa yaade niga'a. Namni kaayyoo qabu haalaanis hindaangeffamu.

Namootni hedduun kaayyoo qaban haala isaan mudateef utuu hinjilbeeffatin injifatanii darbaniiru. Tarii seenaa 'Laura Ingalls Wilder' dubbisneerra ta'a. Dubara taatee hojii argattee maatiishee gargaaruuf olii gadi joortee dhumarratti barsiisummaa argatte.

Isaan erga maatiishee tumsitee booda heerumtee hojii barsiisummaa sana dhaabdee abbaa warraashee qonna gargaaruu eegalte.

Erga mucaanshee dhalatee ji'a tokkotti jalaa du'ee booda abbaan warraa ishees harkiifi miilli isaa ni laasha'e.

Isa kana hundumaaf harka hinlaanne. Kitaaba barreessite. Maxxansa jalqabaaf inni isheen geessite akka isheen yaadde utuu hinta'in akka hinmaxxanfamne, gadi bu'aa akka ta'e itti himan. Namootni hedduun tarii as irratti abdii kutachuu danda'u ta'a.

Haa ta'u malee ammas harka hinlaanne. Itti fuftee kitaaba ishee foyyessuun toora namoota beekamoo keessatti hiriiruu dandeesseetti. Namni karoora qabu rakkoo yeroof mudatutti harka hinkennu. Ganna 65tti nama jijjiiramaa taate. Rakkoo jiru hindaangessine.

Haala jiru hundumaa injifattee cina tarte. Muuxannoon namoota kanaa har'a illee akka irraa hirmaannuuf ta'eera. Namootni injifatoon yeroo hundumaa waan dubbatan qabu.

Namootni karoora qaban, namootni maaliif akka dhalatan beekan yeroo hundumaa dhaloota dhufuuf mana kitaabaati.

Warri kaanis namaaf hojjetanii, yeroo dheeraa booda umurii soorama ba'anitti kan milkaa'an jiru. Fakkeenyaaf Harry Bernstein mana maxxansaa namaa keessa hojjetaa turee erga soorama ba'ee booda umuriin isaa ganna 96 yeroo ta'e kitaaba inni maxxansiise namoota hedduuf burqaa barnootaa ture.

Maatiin isaa attamitti akka loliisa addunyaa isa jalqabaa keessa taran, rakkoo isaan mudate, ijoollummaa isaatti rakkoo keessa tare namoota kan biraaf barnoota ture.

Egaa har'a tokkoo tokkoon keenya rakkoo addaa addaa keessa kan taraa jirru jiraachuu dandeenya.

Namni kaayyoo qabu rakkoofi wal'aansoo jiru irraa baratee darba. Kufaatii darbe irraa waan hedduu hubata. Ilaalcha addaa fudhatee darba. Rakkoo akka danqaatti utuu hinta'in akka barsiisaatti fudhata.

Danqaan jiru nama kaayyoo qabuuf daandii bilchaatinaati. Isa boriif irraa baratee darba. Kanaaf rakkoon nama kaayyoo qabuuf mana barnootaati.

Egaa har'a nuti kaayyoo qabnaa? Namootni eenyu nuun jedhuu? Nutis attamitti of ilaallaa? Tarii bara keenya keessatti gaaffii ani eenyu jedhu of gaafannee beekna jedheen amana.

Gaaffii kanaaf deebii addaa addaa kennuu dandeenya. Ani barsiisaadha. Ani qotee bulaadha; kara deemaadhaafi kkf., jechuu dandeenya. Barsiisaadha kan jennuuf sababa barsiisaa jirruuf; qonnaan bulaa ta'uu keenya kan dubbannuuf sababa keessatti hirmaachaa jirruuf ta'uu danda'a.

Gaaffiin kun garuu gaaffii keenya isa guddaa ta'uu mala. Kaayyoo qabnu gaaffii ittiin hubannuudha. Yoo deebii isaa arganne maaliif akka jiraannu ni hubanna. Fakkeenyaaf ganama maaliifan ka'aa?

Maaliifan qophaa'ee jiraa? Jennee of gaafachuun murteessaadha. Dhalli namaa maaliif akka jiraatu, maaiif akka aarsaa kanfalu adda baafatee hinbeeku taanaan jireenyi inni jiraatu hiikkaa hinqabu.

Dhiphinni hamaan, milkaa'ina dhabuun danuun nama kaayyoo qabuufi maaliif akka biyya lafaa kana irra jiraatu hininjifatu. Karaas isa hindhaabu. Sababa nuti biyya lafaa kana irra jiraannu adeemsaafi yaada keenya, ilaalchaafi karoora keenya mara xuquu hinoolu.

Kaayyoo nuti qabnu murtoo jireenya keenyaa danuu isaa irratti dhiibbaa mataa isaa danda'e qaba. Amala keenya irratti dhiibbaa qaba; galma keenya niboca; kallattii daandii irra deemuu qabnu nutti agarsiisa; jireenya keenyatti hiikkaa kenna. Namni kaayyoo dhalateef sirriitti hinbeekne utuu bu'aa hinbuusin, ofis ta'e isa kaan utuu hinfayyadin darbuunsa hinoolu.

Kaayyoon nuti biyya lafaa kana irra jiraannuuf kan hubannu yoo eenyu akka taane hubanneedha. Kaayyoon kun ammoo kan waloo qofa miti.

Kan dhuunfaatis. Daandiin nuuf sirrii ta'e; daandii nuti irra deemnu nama hundumaaf sirriidha jechuun hindandaa'amu. Inni nama kan biraaf sirrii ta'es nuuf sirrii ta'uu dhiisuu danda'a.

Biyya lafaa kana irra kan jiran namoota hunda isa tokko isa kan biraa irra waan adda baasu jira. Akkasumas tokkoo tokkoon keenya turtii biyya lafaa kana irratti waan hojjechuu qabnutu jira. Isa kana hubachuun murteessaadha. Maaliif akka biyya lafaa kana irra jirru hubachuun barbaachisaadha.

Hanga lafa irra jirrutti yoo kaayyoo qabaanne jireenya keenya keessaas ta'e naannoo keenyaa wantootni jijjiiraman jiru. Wantootni nuti jijjiirru jiru jechuudha. Biyyi, dhalootni, haalliifi kkf., nama kaayyoo qabu, nama maaliif akka dhalate beekuun jijjiiramu. Isa kana dagachuu hinqabnu.

Egaa akka dhala namaatti guyyaa hundumaa wanti of gaafachuu qabnu inni guddaan maaliif akka dhalanne, maaliif akka jiraannu, maaliif bakka amma jirru kana akka jiraanne sababa isaa adda baafannee beekuun barbaachisaadha. Yoo akkas ta'uudhaabaate nama kaayyoo hinqabne akkasumaan bara isaa fixaa jiru taana.

Dhumnisaa gadda ta'a. Garu abdiin jira. Hanga nuti biyya lafaa kana irra jirrutti haalli keenya ni jijjiirama. Ni fooyya'a. Namni lubbuun jiru yoo kaayyoo qabaate haala keessa jiru fooyyessuu nidanda'a. Namni waan du'uuf akkuma qabu sababa jiraatuufis hindhabu.

Akka dhala namaatti sababa duunuuf qofa utuu hinta'in sababa jiraannuuf qabaachuun murteessaadha. Guyyaa itti isa kana hubanne jireenya haaraa eegalla. Abdiin jiraachuu eegalla.

Biyya lafaa hamaafi gaariin wal jijjiiru kana keessa maaliif akka jiraannu beekna jechuudha. Inni kun ammoo hubannoo waan hunda caaluudha.

Karaa biraas sababiin nuti biyya lafaa irra jiraannuuf ofii keenya qofaaf jireenya gaariifi haala mijataa argachuuf utuu hinta'in namoota naannoo keenya jiraniif idaa'ama ta'uuf akka ta'e dagachuu hinqabnu. Namootaaf sababa gammachuu, sababa jaalalaafi eebbaa malee sababa gaddaa, rakkinaafi boo'ichaa ta'uuf miti.

Dhoksaan jireenya hafuura baafachuu qofa miti. Sababa jiraataniif beekuudha. Ganna meeqa jiraanne kan jedhu utuu hinta'in hangam bu'aa

(Gara fuula 9 tti naanna'e)

# AADAA FI AARTII DUUKKOO

Sirnayyoon oromoo waa shan kan bu'uura godhate. Isaaniis Heera, Seera, Hooda, Raagaa fi Aadaadha.Oromoon Aadaa keeysatti waa shan jachuun Sasankaa,Hoola,Dhikkaa,Hooduu fi Hanquu kan of irraa eegani.

Gudina ilma nama keessatti gaheen artii (OROMOO) kan bakka olaanaa qabuudha.Dhugaa dubbachuuf artiin dura deemtuu gudina ilma namaa, hawwasaa fi dhuunfati.

Namni aartiitti fayyadamuu kan eegalee gaafa yaaduu eegale.

Yaannii aartii uumee,aartiin

deebi'ee yaada uumee,yaanni gudina uume,guddinni kan jiruu ilma namaa fooyyese.

Haala kanaan shoorii aartiin gudina ilma namaa keessatti taphatee akkanaaf akkas kan jedhamuu miti.

Barruun keenya arraatiis qophii aadaa fi aartiitiin duukkoon afoola akkam akka taate fi jiruu fi jireenya hawaasa keeysatti ga'ee isiin qabdu dubbiftoonni akka wa irraa hubatan abdi qabna.Aadaalee boonsaa kaleeysa turan keeysaa isaan harra gara baduutti fuula deebisaa jiran keeysaa tokko afoola dubartootati.Afoola dubartoota sadarkaa yaachisaarra jiran keeysaa duukkoo maqaa dhawuun nidanda'ama.DUUKKOON Gosa Afoola Afaan Oromoo Keeysaa Isa Tokkoo fi Afoola hojii kan warra Dubartootaati.Afoolli aadaa kun Afaan jechaa fi gochaan kan dhalootaa dhalootatti dadarbaa harra gahe.Dur osoo akka harraatti warshaaleen midhaan dakaaniif daaytuun midhaanii (wafcoon) gandaa gandatti dhabattee hin turiin dura kan dubartoonni keenya isaan harkaan midhaan tumanii daakaa turan.Dubartoonni keenya yeroo hujii humnaa kana godhanitti kan isaan itti if jajjabeeysaan afoola fayadamuuni.Dubartoonni DUKKOO ni Dhawatu.Yeroo kana godhan kan isaan DAAKKII FI TUMAA yeroo gabaaba keeysatti fixaniidha.

Kayyoon dukkoo dhawataniif inni

Guddaan Dadhabbii yeroo hujii ittiin irraanfachuufi mira hujii cimaa uumuu fi namoota gara hujiitti kakaasuudha.Dukkoon Afoola Bifaa fi qabiyyee Qaban kan Amala walaloo fi yadalootiin bifa qalbii namaa hawaatuun kan dhihaatuudha.Nama Tokkoo fi Tokkoo Oliin dhihaata.Cimiinaa fi laafina,Gaddaa Gammachuu jaalalaa fi jibbansa,Tokkummaa fi Garaagarummaa Arjummaa fi Hammeenya jiru hubachuun Rakkoon umamee tokko haala itti umamee fi midhaaleen dhaqabsisan kan akkam akka taheefi fala furmaata waara kan ittiin laataaniidha.Namni tokko yaada qabu kan ittiin ibsatu.Eergaleen cicimoon haala yeroo sanii ibsaan kan ittiin dadarbaaniidha.dhamsi dukkoon dabru dhamsa



ifaa fi gababaa kan yeroo hunda hinirraanfatamneedha.

Keeysaahuu yaada lama kan wal walqabee furmaanni dhabamee yeroo hedduu deebisaan isiin deebiti.Kanaafuu akka meeshaa furtuu rakkoottis kan itti dhimma bahaa turaniidha.Afoola umrii bara dheeraa,qabuudha.Duukkoo Duubartoonni daakkii...daakuu yookaan daakkaa osoo dakaanii dhawatan kan harra hafe keeysa murasni isaanii kaneen armaan gadii kana fakkatti.

Girdaan baabuura gaa

dukkoo gaa

Loon hin Gadooduuu gaa

dukoo gaa

dila wayyaan ta'uu gaa

Foon hin hadoodu gaa

Duukko gaa

duukkoo Adiiyyee kuullee gaa

Dukkoo gaa

fandiisheen boollatti gaa

muuyraan Taguugatti gaa

Duukoo gaa

yoo gadheen waa jette gaa

Jirmaan natti gaa way duukkoo.Duukkoo Yeroo garaagaratti dhawatamte tahuu isii walaloo isiirraa hubachuun humaa nama hin rakkisu.Lammii Irree jabeeysuu keeysatti geerara dubartootati jechuun nidanda'ama.

Inni biraa duukkoo kaleeysa turan keeysaa kan akkana jedhuus isa tokko.

"Eereroo eereroo

ereroo madda cinnee

Abboon waa si dhiifnee Obooleeysoon natti doofee

daalas ereer yaadatee

eerer diinaa qabatee."way duukkoo.

Yeroo qooda hirmaata qabeenyaatiis DUUKKOO kan itti dhimma bahaa turaniidha.Fakkeenyaaf

Addee/Obbo Abalu:-

"Qoototee boollaa qabaa

Galfatee kootaraa qabaa...

dhuubattee baarree qabaa

nyaatee garaa qabaa

nama dubbii Tana dubbatee

dubbii qabaa."

Aadaa safuu eeguu fi eeysisuu keeysattiis ga'een DUUKKOO ol aanaadha.keeysahuu dogoongora

umamu sirreeysuu keeysatti mallattoo haqaati.Mammaksi Oromoo "wamalee manni Aru" jedhu mirkaneeysituudha.Gaafa cabaa sababa cabaas gama himuutiin dawiitii jireenyaa dhugaa dhugaan hawaasa faana turte.Gaafa akka xiqqaan guddaa kabajuu dhiise taatee badii hawaasa keeysa jiru afoola ittiin himaa arra gaheedha.

Fakkeenyaaf:-

"AbbooTuurro numa Daakataa

warri Isaaniis numa dawaataa

warri Badu walii badaduu

way duukkoo."

Eergaaleen Gaggaariin akkanaa bayyeen isaanii hawaasa keeysatti kan hafan tahuun waan wal nama gaafachiisuu miti.Kanaafuu dhaloonni qabeenya aadaa hangana humna qabu kana faana bu'aanii barbaaduun baasaa barsiisaa dagaagsaa deemuun dirqama mara keenyaati torbaan maxxansa biraa qabannee kan wal garru tahaa nagayatti.

# Seenaa Doktar . . .

Fuula 5 irraa naanna'e

rariitiin akkasumas afaan biyyoota ollaa keessaa sirba Sudaaniifi kanneen birootiin sirbuudhaan saboonni biyya kanaa akka walbeekan, walkabajan, walmararfatan, waliin jiraataniifi eenyummaansaanii beekamuuf hojii bal'aa hojjeteera. Artisti Alii Birraa sirni Gadaa deebi'ee akka guddatuuf gahee olaanaa nama qabuudha.Akka Mootummaan naannoo Oromiyaattis artisti Alii Birraa ni galateefanna.

Badhaasni artisti Alii Birraaf kennamu artistoota dhaloota gara fuula duraas kan jajjabeesuudha.Artisti Alii Birraa bara dukkanaa keessa Afaan Oromoo guddisuun Oromoo guddisuu akka ta'e raaguun isaa yeroo har'aa Afaan Oromoo bakka inni gaheef ragaadha keessattuu artii ,Aadaa,duudhaa fi safuu Oromoo ifatti baasuu keessatti artistii bu'uura ta'eedha.

Afaan Oromoo baratee barsiisuu keessattis hojii boonsaa hojjeteera.

Artisti Alii Birraa Afaanota akka Somaalee,Afaar,Harari fi Amaariffaatin weelliseera.Artisti Alii Birraa ol-kan Itoophiyummaa ibsu hin jiru.Itoophiyummaa kan ofii ol qabanii kan biroo gadi qabuu miti.

Artisti Alii Birraa Mootii Mootota Afrikaati.

Artisti Aliidhaf kabaja guddaatu malaaf.Nama waan gaarii hojjate galateeffachuun,ol qabuun ofulqabuudha.

Sirboota Alii Birraa Giddu gala Aadaa Oromoo keessatti walitti qabuun wiirtun tokko banameefi seenaa dhaloonni akka irraa baratu goona.Artistoonni,daldaltoonni,barattoonni waan boru seenaaf ta'u hojjachuu qabu

Hojiinsaa waggoota 60 sagantaa gabaabaadhaan himamee kan dhumu miti.

# Fireedii . . .

Fuula 4 irraa naanna'e

gadi qabuun yaabbatee baheera," jedhe Fireediin. Baay'ee naheen ture. Garuu ' Hey, deemuun qaba," jedhe.

Fireediin wal gahicha irraa fiigee bahuun abbaa isaa bakka dhaabbii konkolaataa cinaasa jiru taa'ee argate.

"Naataan yeroo umurii 81'n, Amajji 2014 du'u, Fireediin ammoo dargaggeessa ganna 24 ture.

" Dhugumaan nan gadde," jedhe Fireediin. "Sababni isaa ammoo waan ani godhu hunduu abbaakoo gammachiisuuf ture."

Fireediin kophee ittiin bakka namni jiru argatan [shoe tracker] ofii kalaqe sana doolaara miliyoona 2.2'n gurgure. Naataan 7konkolaataa Foordi 1993 piik aappi taate fi bidiruu qurxummii ittiin kiyyeessuf argaartu qabachuu barbaada ture. Amma Fireediin kana bituufii danda'a. Garuu maal godha, ni barfate.

"Sun dhugumaan ijakoo bane, irraan baradhes, maallaqni homaayyuu miti meeshaa malee. Osoo asii hin deemiin humnakoon hundaan waan hundumaa hojjedhee adunyaa kana mijattuu gochuun barbaada," jedhe Fireediin.

"Abbaakoo yoon ilaalu, inni sooressa miti. Garuu jireenya nama baay'ee irratti jijjiirama guddaa fideera. Anis akkasuma nama argadhe biratti waan akkasii gochuufi waanin qabuun garaaruun barbaada."

Sadarkaa kanatti, Fireediin meeshaa cimaa gara biraa tokko kalqeera. Muuxannoo isaa yeroo waggaa saddet ture Joorjiyaa deemuun eessuma haadha isaa daawwachuu deeman kan arge irraati.

"Yeroo achi geenyu abbaakoo fi haatikoo barrii fuulduraa rukutan. Garuu gara balbalaatti dhufee hin banuu hin dandeenye," jedhe.

Abbaakoo akkas na jedhe, "Fireed mee karaa foddaa yaabbadhuu seeniitii balbala bani" jedhe. Yeroo ol galan firri isaanii taa'umsa abidda cina jiru tokko irra taa'aa ture argan. Yeroo ilaalan fayyaa fakkaata.

"Abbaan koo ol galee waan jedhe nan yaadadha- Abbaankoo haadhakoo waamuun akkas jedhe, "Beetii Maayii, innoo du'eera."

Firri Fireediifaa kun dhibee sukkaaraa cimaan qabamee kufuun du'eera.

Yeroo waa'ee nama dhibee sukkaaraan qabamee tokko yoo yaaddu, yeroo hamma sukkaara isaanii safaran galmeessanii kaa'uu qabu. Eessuma koo kan baadiyaa keessa jiraatuuf ammoo osoma galmeessee kaa'eeyyuu achitti namni kana ilaalee kaa'u hin jiru," jedhe Fireediin.

Umurii ganna 22'n safartuu hamma sukkaaraa ' glucometer ' kan hamma sukkaaraa nama sanaa safaree aluma sana waan dubbise sana fira dhiyootti erguun akka galmaa'u gochuun hakiimni akka dubbisu godhu kalaqe.

Yoo hammi sukkaara nama sanaa fayyaalessa miti tahe akeekkachiisa fira isaa sanatti erga, meeshichi.

Garuu Fireediin sadarkaa pirojektii guddaatti hojjechuu jalqabe. Jiraattotni baadiyaa Ameerikaa hedduun tajaajila interneetii 2G, yookaan 3G akka hin qabne beeka ture. Kuweensii keessa ammayyuu uummatni tajaajila interneetii bilbila irraa saffisa dadhaba qabu fayyadamu.

Naannoo kanatti tajaajila qunnamtii ammaayyaa'aa tahe fiduu barbaade. Bara 2008 tajaajila teelekoomii mataa isaa jalqabuuf iyyata Komishinii Kominikeeshinii Federaalaatti [FCC] galfachuun akka eeyyamaniif gaafate.

" Iyyata dhaabbilee gurguddoon telekoomii gara baadiyaa uummata 1,000 gadi qabduu dhufuun qabeenya isaanii bu'uuraalee misoomaa irratti akka hin dhangalaasne ibsun galche," jedhe.

Salphaa hin turre. Yaalii 394 itti fudhateera. Maallaqa guddaas isa gaafateera. Garuu bara 2011 keessa umurii ganna 21'n Firrediin Ameerikaa keessatti nama umurii dargaggummaa irra jiru jalqabaa tajaajila telekoomi sochoosu tahe.

# BULCHINSA DIRREE . . .

Fuula 1 irraa naanna'e

bataniiru.Yeroo amma industiriin bulchinsatti hojii eegaluurratti argaman humna namaa baayyee gaafachaa jiraachuun saas himaniiru.Hojii dhabdoonni hojii tuffachuu osoo hin taane hojii argamte hunda hojjachuun ofjijjiiruu akka qabaniis itti gaafatamaan kun dhaamsa dabarsaniiru.

Dabalataaniis rakkoo gama ajensiitiin mul'an furuuf deeggarsa gochaa jiraachuun akkasumas deeggaersa godhamutti garagaaramuun kana caalaa hojjattanii abbaa qabeenyaa tahuu akka danda'amus dhaamaniiru.Itti aanaa kantiibaa Drree dhawaa Dhawaa obbo Kadiir Jawaar akka jedhanitti hojii hojjatanattin bu'aqabeessa tahuun asgahuu keessaniif baga gammadan jedhaniiru.Dabalataaniis biyya tokko hiyyummaa keessaa baasuu gaheen intarpiraayisii xixiqqaa ol'aanaa waan kana caalaa irratti hojjatamuu akka qabu dubbataniru

# Eenyummaa Keenya . . .

Fuula 7 irraa naanna'e

buufne kan jedhu beekuun murteessaadha.

Hanga lafa kana irra jiraannutti akka hinjijjiiramne, akka hinfooyyofne, akka jijjiirama hinfidne kan nu taasisu homti tokko illee hinjiru. Garuu kaayyoo qabaachuun murteessaadha. Galma sirrii qabaachuu gaafata. Maaliif akka dhalatan adda baafachuu barbaada.

"Namni waan du'uuf akkuma qabu sababa jiraatuufis qabaachuu mala. Akka dhala namaatti sababa duunuuf qofa utuu hinta'in sababa jiraannuuf qabaachuun murteessaadha." MDE

# Fakkii Afriikaa ni taanaa . . .

Fuula 3 irraa naanna'e

gurraacha. Inni biyya keenyaa baayyeen isaa mixii gurraacha, garuu biyya biraa mixiin diimaanis jira. Mixii kana lamaan (meeshaa) akka burcuqqoo keessaa yeroo ka'an, mixiileen kun wal hin lolan, wal hin jeeqan. Gaafa namni tokko bakkeetii dhufee burcuqqoo sana sochoosu, mixiin diimaa fi gurraachi keessatti wal nyaatu. Kana anis ijaan argeera. Mixiin diimaa fi gurraachi wal nyaachuu isaanii dura, namicha bakkee dha burcuqqoo sana raasaa jiru adda hin baasan taanaan injifannoo argachuu hin danda'an.

Akkuma isin beektan bara dheeraa, wal nyaachaa, wal lolaa, wal waraanaa turreerra. Amma hawwiin keenya nageenyaa fi badhaadhina. Garbumaa hin beeknaa, dhiibamuu hin beekna, qabsaa'uu hin beeknaa, hundaa ol moo'achis ni beekna. Amma kan nurraa eegamu qabsoo miti, moo'achuu miti, isa gootaniittu, amma kan nurraa eegamu injifannoo keenya sirnaan qabachuu, tursiisuu fi bulchuu dha. Kana gochuuf dandeettii keessan, eenyummaa keessan nan beeka.

Wajjin ceenee ni ceesisnaa, Itoophiyaan biyya keenyaa, fakkii Afriikaa ni taanaa kana dhaabuu kan danda'u homtuu hin jiru. Waliin taanee biyya keenya eegnee, guddisnee tokkummaa Itoophiyaa ni eegnaa!"

# AKKA WAL FUUDHAN . . .

Fuula 2 irraa naanna'e

naaaf ,maatiin sagalee keessaa hin qaban taanaan bu'uura aadaa hin qabu '' jedhan .Gaaffii 'natti heerumtaa ' ''kaaffetti,hooteelatti fi karaa irratti fa'I gaaffii dhiyaatu malee of eeggannootiin milkii ilaallatanii,ibidda bulfatanii fibiqila biqilfatanii kan raawwatuu miti'' jedhan.Dargaggoonni dhiibbaa miidiyaa fi aadaa biyya hambaa ilaaluun waan raawwatanii dha jedha Alamaayyoon.

Inni dhirris isheen dubartiis gaa'elaaf akka wal qopheeffatan garaan isaanii wal beeka .Haa ta'uu malee ,hoteela keessatti habaaboo afanii ,jilbeeffatanii akka haaaratti qubeelaa itti qabuu kana ani akka qoosaattiin ilaala,garuu dhiibbaan isaa immoo qoosaa miti'' jedhan .Sababani saas jedha doktoortichi,dargaggoonni kunneen wal baruu isaanii fi maalti isaanii giddutti godhamuu qabuuf iddoo kennuu irra agarsiisa irratti xiyyeeffatu.

Kana malees ,dhaloonni isaan booda dhufan kana akka aadaa kan isaaniittti fudhachuu jalqabu jedhaniiru.Kanaafiis,aadaa waliin makamaa jiru kanarratti of eggannoo godhamuu akka qabu aadaa offii dhaaf dursi kennamuu akka qabuus akeekaniiru.

# Hojjetaan Mootummaa Haala itti Dorgomu

Hojjetaan mootummaa akka lammii itoophiyaa kamiittuu mirga filachuu fi filatamuuf heera mootummaan kennameef ni qaba. labsii filannoo kana kwt 33 jalatti akkaataa hojjetaan mootummaa filatamuuf filannoo irratti ittiin hirmaachuu danda'u tumeera. kunis,

hojjetaan mootummaa kamiyyuu;

-dhunfaadhaan yookiin miseensa paartii siyaasa tahuun filannoo irratti dorgomuu ni danda'a

-yommuu filannoo irratti dorgomaa tahee dhiyaatu duula na filadhaa yeroo gaggeessu fi filannoon gaggeeffamu mindaa malee hayyama akka argatu ni godhama,

-sochii filannoo manneen marii sadarkaa sadarkaan jiran irratti yeroo hirmaatu meeshaa qabeenya mana hojii isa qacaree jirutti fayyadamuun dhoorkaadha jechuun kwt 33(1) jalatti tumee jira. akka asirraa hubatamutti hojjetaan mootummaa dorgomaa tahee dhiyaachuuf hojii mootummaa gadi dhiisuun osoo hin barbaachisin hirmaachuu danda'a jechuudha. haa tahuu malee hojjettoonni mootummaa kanneen hojii isaanii gadi dhiisan malee dorgomaa tahuun hirmaachuun hin hayyamamneef kwt 33(2) jalatti ibsamanii jiru. isaanis, abbootii seeraa, abbootii alangaa, miseensa raayyaa ittisa biyyaa, miseensa poolisii, hojjettoota qaama nageenyaa fi qacaramtoota boordii kan tahan dhunfaan yookiin miseensa paartii siyaasaa tahuun dorgomaa tahee dhiyaachuuf iddoo hojii itti ramadame gadi dhiisuu qaba jedha.

keewwata 33(3) jalattis gocha hojjetaan mootummaa kwt 33(2) jalatti tarreeffaman kana gochuu hin qabne tumee jira. kunis, abbootii seeraa, abbootii alangaa, miseensa raayyaa ittisa biyyaa, miseensa poolisii, hojjettoota qaama nageenyaa fi qacaramtoonni boordii kan tahan nama filannoo irratti dorgomu tokko akka filamuuf deeggarsa haasawaan, barruun fi haala kana fakkaatu kamiinu taasisuu hin qaban jechuun tumee jira. qaamolee kunneen dhoorka osoo hojii mootummaarra jiranii akka hin raawwanne godhaman dorgomaa tahanii dhiyaachuu fi dorgomaa biraa immoo akka filatamu deeggarsa akka hin goone akka tahe hubachuun ni danda'ama.

Waraqaa ragaa kaadhimamaaf kennuu kaadhimaan tokko erga ulaagaa barbaachisu guutuun isaa mirkanaa'e booda galmee kaayyio sanaaf qophaa'e irratti galmeessuun waraqaan ragaa ni kennamaaf kwt 35(1). waraqaan ragaa kunis kaadhimamaa mataa isaatiif yookiin dhaabbata isa kaadhimamaa gochuun isa dhiyeessetti ni kennama 35(2).

kaadhimamaa ummataaf beeksisuu bu'uura labsii kanaatiin kaadhimamaan adda bahe yeroo galmeen isaanii xumurametti waajjirri naannoo filannoo tarree maqaa dorgomtootaa ummataaf ifa ni godha, kwt 36.

Kaadhimamtoota dorgommii keessa baasuu fi bakka buusuu

kaadhimamaan dhunfaan yookiin paartii siyaasaa bakka bu'uun filatamuuf dorgome tokko dorgommii keessaa of-baasuu ni danda'a, 39(1). kaadhimamaan paartii siyaasaan dorgommiif dhiyaatee bu'uura kwt 39(1) tiin dorgommiin ala of taasise murtii isaa barreeffamaan paartii isa dhiyeesse beeksisuu qaba, kwt 39(2).

paartiin siyaasaa dorgomaa kaadhimamaa jijjiiruu yookiin bakka buusuu kan danda'u guyyaa kaadhimaan dorgommiin ala of taasise irraa kaasee torbee tokko keessatti yookiin kaadhimamaan dorgommiin ala kan of taasise erga yeroon galmee kaadhimamtoota galmeessuuf qabame xumurame booda yoo tahe filannoon gaggeeffamuuf yeroo jiini tokko hafu keessatti qofa taha, kwt 39(3).naannoo filannoo tokko qofatti dorgo

namni tokko kaadhimamaa tahee dorgomuu kan danda'u naannoo filannoo tokko qofa irratti fi teessoo mana marii bakka bu'oota yookiin mana maree naannoo tokko qofaaf dorgomuu danda'a, kwt 41(1). kaadhimamaan tokko sagantaa galmee kaadhimamtootaaf bahe keessatti naannoo filannoo tokko irraa gara kan biraatti dabruun akka harayaatti galmaa'u ni danda'a. raawwiin isaa boordiin murtaa'a, kwt 41(2).

**mirga addaa kaadhimamtootaaf kennaman**

kaadhimamaan filannoo irratti hirmaachuuf galmaa'e yoo yakka cimaa harkaa fi harkaatti hojjatuu qabame malee hanga filannoon xumuramutti hin to'atamu, kwt 42(1). yoo yakka harkaa fi harkaa tahee malee aadhimamaan gocha yakkaa raawwateef erga filannoon xumuramee bu'aan isaa boordiin ummataaf ibsame booda tarkaanfiin seeraa irratti ni fudhatama, kwt 41(2). kan 41(2) jalatti jiru akkuma egametti tahee, mo'ataan kan seeraan kan gaafatamu mirga gaafatamuu dhabuu qaama aangoo qabuun erga irra kaafameedha, kwt 41 (3).

kutaa sadaffaa boqonnaa 2ffaan labsichaa kan tumee jiru galmeessa kaadhimamtootaa, ulaagaa kaadhimamaa tahuuf guutamuu qabu, akkaataa kaadhimamaan itti dhiyaatu, namoota filannoof kaadhimamuu hin dandeenye, fi kkf dha. qabiyyee boqonnaa kanaa keessatti hammatamab kanneen hubannoof ni gargaara jenne akka gadii kanatti dhiyeessina nu hordofaa jenna.

1. ulaagaa kaadhimaa tahuuf barbaachisan

keewwata 30 jalatti kan tumamee jiru iddoo kaadhimamaan itti galmaa'u yoo tahu kunis kaadhimamaan gaafa guyyaa filannoon gaggeeffamu guyyaa 90 duursuun bu'uura sagantaa galmeessa kaadhimamtootaaf boordiin baasuun naannoo filannootti kan raawwatamuudha jechuun tumee jira. kanaaf kaadhimamaan tokko filannoo irratti kadhimamaa tahee dhiyaachuuf guyyaa filannoof jiini sadii hafu keessatti tahuu qaba jechuudha. iddoon galmee immoo naannoo filannooti jechuun tumamee jira. galmee kaadhimamtoota yeroo itti raawwatamu sagantaa akka qopheessuuf aangoo boordiif kennee jira.

keewwata 31 jalatti ulaagaa namni kaadhimamaa tahuuf guutuu qabu kan tarreessee jiruudha. keewwanni kunis keewwattoota xixiqqoo shan kan of jalaa qabuudha.keewwanni xiqqaan tokko akkana jedha;

namni kamiyyuu kaadhimamaa tahee dhiyaachuuf,

-lammii itoophiyaa kan tahe fi filatamuuf kan galmaa'e tahuu qaba,

-gaafa galmaa'u umriin isaa waggaa 21 fi sanaa ol tahuu qaba

-naannoo filannoo itti galmaa'e gaafa filannootiin dura dhaabbiidhaan waggaa tokkoof kan jiraate yookiin iddoon dhaloota isaa kaadhimamaa tahuun itti dhiyaachuu barbaade naannoo filannoo sana keessa yoo tahe,

-magaalaan yookiin aanaan itti dorgomuu barbaade naannoo filannoo tokko ol kan hammatu yoo tahee fi magaalaa yookiin aanaa san keessa dhaabbiidhaan waggaa lamaaf yoo kan hojjete tahe magaalaa yookiin aanaa sana keessaa naannoo filannoo barbaade irratti dorgomuu danda'a,

-seeraan yookiin murtii mana murtiin mirgi filuu yookiin filatamuu irraa hin mulqamin tahuu,

-sababa rakkoo sammuu qabuun murtii kennuu akka hin dandeenye kan qaama aangoo qabuun yookiin ragaa gahaadhaan hin mirkanaa'in tahuu qaba,

-dambii naamusaa boordiin bahu kaadhimamaan yoo dhunfaan kan dorgomu tahe ofiii isaatiin, yoo paartii siyaasaa bakka bu'ee kan dorgomu yoo tahe paartichi ofitti fudhachuun kan mallatteessan yoo tahe kaadhimamaa tahuun dhiyaachuu ni danda'a jechuun tumee jira. garuu ulaagaan inni dhumaa kun hafuu akka danda'u keewwatuma kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumee jira. kunis, kaadhimamaan hojiidhaaf yookiin sababa barnootaaf naannoo filannoo keessa kan jiraanne yoo tahee fi kanaan dura naannoo sanitti filatamee hojiirra kan jiru yoo tahe dambii naamusa filannoo boordiin filannoo baasuu mallatteessuuf akka hin dirqamne tumee jira.

keewwata 31(3) jalattis ulaagaan biraa kan kaadhimamaa tahuuf dhiyaachuu qabu tumamee jira. kunis,

-kaadhimamaan dhunfaan kan dorgomu yoo tahe namoota jiraattota naannoo filannoo itti dorgomuu tahan kanneen umrii 18 fi ol tahan, kan mirgi filachuu seeraan, murtiin yookiin rakkoo sammuuf hin dhoorkamin tahaniin mallattoo deeggarsaa namoota 5000 kennameefi bulchiinsa naannawaatiin kan mirkanaa'e dhiyeessuu qaba. garuu kaadhimamaan dhunfaan dhiyaatu qaama miidhamaa yoo tahe mallattoon deeggarsaa dhiyeessuu qabu 3000 gadi tahuu akka hin qabne tumee jira.

keewwata 31(4) jalatti kan tumame akkaataa mallattoon deeggarsa kenname dhugaa tahuuf i dhiisuun itti mirkanaa'udha. innis akkaatuma labsicha keewwata 64 fi 65 jalatti mallattoo miseensota hundeessitoota paartii siyaasaaf kennaman itti mirka'uun karaa wal fakkaatuun kan mirkanaa'u taha jechuun tumee jira. kaadhimamaan dhunfaan dorgomuuf dhiyaate mallattoo deeggarsaaf dhiyeesse kan sobaa yoo tahe bu'aa akkamii akka hordofsiisu danda'u keewwata 31(5) jalatti tumamee jira. kunis eeruu kennamuun yookiin qorannoo boordiin taasisuun mallattoon sobaa yookiin maqaa hin jirre fakkeessuun dhiyeessuun isaa kan mirkanaa'u yoo tahe adabbiin seera yakkaan jiru akkuma eegametti tahee kaadhimamaan akka hin galmoofne ni dhoorkama yoo galmaa'ee kan ture yoo tahe galmeeerra kan haqamuu fi yeroo waggaa sadiif dhunfaan kaadhimamaa tahee akka hin dhiyaanne dhoorkama, hogganaa paartii siyaasa yookiin miseensa akka hin taane ni dhoorkama jechuudhaan tumee jira.

2. kaadhimaa dhiyeessuu

paartiin siyaasaa seeraan galmaa'e kamuu filannoo bu'uura labsii kanaatiin gaggeeffamu irratti hirmaachuuf kaadhimamaa ulaagaa gute dhiyeessuun dorgomuu ni danda'a jechuun kwt 32(1) jalatti tumamee jira. paartiin siyaasaa kaadhimamaa mana maree bakka bu'oota ummataaf dhiyeessu ulaagaa kwt 31 jalatti tumame irratti dabalataan mallattoo deeggarsa kan jiraattota naannoo filannoon mallattaa'e nama 2000, qaama miidhamaa yoo tahe 1500 dhiyeessu qaba. kaadhimamaa mana maree naannoleef dorgomu dhiyeessuuf yoo tahe immoo mallattoo namoota 1000, qaama miidhamaf immoo namoota 750 dhiyeessuu qaba jechuun kwt 32 (2) jalatti tumamee jira. tarree kaadhimamtoota paartiilee siyaasaa bakka bu'uun dorgoman boordii filannoof karaa hogganaa paartii yookiin bakka bu'aan ta'a jechuun kwt 32(3) jalatti tumameera.

# MIRGOOTA DUBARTOOTA QIXA KONVEENSHINII MIRGA NAMOOMMAATIIN

Dubartoonni kutaa hawaasaa kamiyyuu keessatti loogiin baroota dheeraaf irratti rawwatamaa tureefi ammas kan itti fufaa jiru ta'uun isaa nihubatama. Haata'uu malee, biyyoota guddatan keessatti loogiin dubartoota irratti raawwatamu hir'achaa dhufuun isaa ifaadha. Loogiin dubartoota irratti godhamuufi dubartoota gad'aantummaan ilaaluun akka addunyaatti kan bal'ate waan ta'eef rakkinichi amala waligaalaa akka qabatu godheera. Rakkinichaaf furmaata kennuuf sadarkaa addunyaatti motummoonni sochii godhaniiru; godhaas jiru.

Loogii dubartoota irratti rawwatamu kana maqsuudhaaf akka addunyatti waliigalteewwan idil-addunyaa mirga namoomaa adda addaa keessatti loogii koornaya bu'uura godhate raawwachuun kan dhoorkame ta'uu sanadoota keessatti hammachiisuu danda'uun akka tarkaanfii tokkotti kan ilaalamuudha.

Barruu kana keessatti mirga namoomaa dubartootaa kabachiisuuf sadarkaa addunyaatti waliigalteewwan ragga'an gabaabinaan kan ilaalu yoo ta'u, hubannoof akka toluuf **Konveenshiiniin Waliigalaa Mirgoota Namoommaa irratti (General Conventions on Human Rights)** fi **Konveenshiiniin waliigalaa idil-addunyaa mirga namoommaa Dubartootaa** jechuun iddoo lamatti qooduun kan ilaallu ta'a.

Mirga kutaa hawaasaa tokko fakkeenyaaf, daa'imman, dubartoota, qaama midhamtootafi kkf kophatti kan tumu osoo hinta'in ilmi namaa nama ta'uu isaatiin seerichi nama hundaaf raawwatiinsa akka qabaatu yaaduudhaan akka waliigalaatti mirga namoomaa ilma namaatiif tumaniidha.

Bu'uura kaanan dubartoonni ilma namaa waan ta'aniif konveenshiiniin mirga namummaa ilaalchiisee namoota kamiifuu tumame isaaniifis raawwatiinsa qaba. Haata'uu malee, loogiin dubartoota irratti raawwataman baroota dheeraa kan lakkoofsisaniifi ilaalcha hawaasaa keessatti gadifageenyaan waan seenaniif waliigalteen idil-addunyaa mirgoota namoomaa baay'inaan loogii saalaa irratti bu'uureeffate ittisuuf yookiin hambisuuf dubartonni mirgoota sanadoota kana keessatti hammataman dhiiroota waliin qixa fayyadamoo akka ta'an xiyyeeffannoo kennuun tumaalee dhimma kana ilaalatan hammatee jira.

Kutaa xiqqaa armaan gadii jalatti waliigaltee waliigalaa mirgoota namoomaatiin mirgi dubartoota haala kamiin akka hammatameefi xiyyeeffannoo waliigalteewwan kunniin mirga dubartootaatiif kennan kan ilaalamu ta'a.

### Chaartarii Mootumoota Gamtoomanii

Chaartariin mootummoota gamtoomanii waraana addunyaa lammaffaa booda mirgoota namoomaafi bilisummaa bu'uuraatiif sadarkaa addunyaatti beekamtii kan kenneedha. Kunis dhumaatii Yihuudoota miliyoona 6(jaha) ol ta'an irratti naaziwwanniin raawwatame yakka namoomaafi nageenyaa irratti raawwatame jedhamuun gochicha kan raawwatan murtiif kan dhiyaatan yoo ta'u, mootummoonni gamtoomanis gochi kun lammaffaa akka hin raawwatamne waliigalteen wabii ta'u akka godhamu ifaajaniiru.

Bu'uuruma kanaan motummoonni nageenya addunyaa guddisuufi walitti bu'iinsa ittisuuf kaayyoo duraa kan godhate chaartarii motummoota gamtoomanii A.L.A bara 1945 hundeessanii jiru. Chaartarichi qajeeltoo mirga walqixxummaa dubartootaa hammateera. Chaartericha Keewwwata 1 irraa kan hubatamu kaayyoo inni bu'uuraa mootummaa gamtoomanii mirgoonni namoomaafi bilisummaawwan bu'uuraa kan akka sanyiin, saalaan, afaaniin, amantaadhaan adda addummaan osoo irratti hingodhamiin hundumaafuu raawwatiinsa akka qabaatufi rakkoo addunyaa diinagdee, hawassummaa, aadaa, namoomaa furuuf wal deeggarsa idil- addunyaa cimsuufi guddisuuf kan kaayyefate akka ta'e tuma.

Kanaafuu, sanadni kun wal qixxummaan dubartootaa osoo hinmirkana'in mirgoota namoomaas ta'ee nageenya addunyaa eegsisuufi guddisuun kan hindanda'amne ta'uu sanada agarsiiseedha jechuun nidanda'ama.

### Ibsa Waliigalaa Mirgoota Namoommaa (Universal Declaration of Human Rights)

Mootummoonni gamtooman mirgoonni namoommaa nama hundaaf akka kabajamuu gochuuf waadaa seene bu'uuragodhachuun koomishinii mirga namoommaa hundeessuun sanada mirgoota bu'uuraafi bilisummaawwan hammate mudde 10, Bara, 1948 A.L.A basuun ifa godhee jira. Sanadni kun waraanni"cold war" yeroo itti jalqabametti addunyaan aaydooloojii yookiin yaadota lamaan biyyoota "kaapitalistiifi kominiistii" jiddutti walitti bu'iinsa keessaa yeroo seenanitti ta'uun isaa bu'aa qabeessummaa isaa irratti dhiibbaa uumeera.

Waan kana ta'eef, ibsi kun hanga ammatti sanada dirqisiisummaa qabu ta'uu hindandeenye. Haata'uu malee, ibsi kun waliigalteen mirga namoomaa dubartoota dabalatee waliigalteewwan kan biroo walduraa duuban akka qopha'uu fi akka ragga'uu dhagaa bu'uuraa ta'uun tajaajilee jira. Dabalataaniis qajeeltoowwan ibsicha keessatti hammataman yeroo ammaa biyyoonni 185 ol heeraa biyyoolessaa isaanii keessati waan hammachisaniif guddina mirga namoommaaf gumaachi godhe ol'aanaadha.

Kana irra ka'uudhan beektoonni tokko tokko yeroo ammaa sadarkaa seera baratamaa addunyaa (international customary law) argateera jechuun yaada isaanii kennu. Ibsi kun mirga dubartootaa ilaalchisee walqixxummaa dubartootaa kan calaqisiise yoo ta'u, seensa isaa keewwata 1 jalatti ilmi namaa hundi uumaamaan nama ta'uu isaanii, akkasumas mirgoota walqixaafi adda qoodamuu hindandeenye kan qaban ta'uu isaanii beekanii fudhachuun bilisummaa, haqaafi nageenya addunyaatiif bu'uura akka ta'an, dabalataniis seensuma kana keewwata 5 jalatti ... mootummoota gamtoomanii mirgoota bu'uura dhala namoomaa irratti kabajaafi ulfina ilma namaatiif dhiiraafi dubartiin mirgoota walqixa kan qaban ta'uu tuma.

Seensi ibsa kanaa dubartoonni ilmaan namaa ta'uu isaanitiin mirgoonni ilmaan namaaf kennaman hundi isaaniifis kan kennameef ta'uufi mirga walqixummaa dubartootafi dhiirotaa irra deebi'uun sanada mirkaneesse ta'uu nu hubachiisa.

Bifuma walfakkaatuun, sanaduma kana Miil-jalee lakk.3 fuula 10. Universal declaration of human right (1948)Inistitiiyuutii Leenjii Ogeessoota Qaamolee Haqaa Fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa 2005 8 keewwata (2) irrattis namnni hundumtuu garaagarumaan akka sanyii bifa, saalaa, afaanii, amantaa, siyaasa, qabeenyaafi kanneen biroo osoo hingodhamin mirgootafi bilisummaawwan ibsicha irratti argaman kan qabu ta'uu tumeera.

Haaluma kanaan, dubartoota irratti loogiin saala bu'uureefatu osoo hinjiraatin mirgoota ibsicha keessatti argaman kan qaban ta'uu agarsiisa. Keewwata (7) irratti immoo namni hundi seera duratti qixafi loogii tokko malee eegumsa seera qixa ta'e akka argatuufi namni hundumtuu loogii ibsa kana darbuun godhamuufi loogii gochuu kakaasuu irraa mirga eegamuu kan qabu ta'uu ibsa.

Dubartoonnis fayyadamoo mirga kanaa ta'uufi eeguumsi seeraa dhiira waliin qixa ta'e akka godhamuuf agarsiisa.

## FEDEREESHINIIN KUBBAA ...

Fuula 12 irraa naanna'e

baaseen mirkaneeysee jira.

Gabaabumatti, Pirimar Liigii Itoophiyaa bara 2013 xumurameen kilaboonni sadeen gara liigii ol'aanaatti gad bu'an, kilaboota sadi Liigii ol'aanaa Itoophiyaa bara 2013'n ramaddiii sadeenirraa sadarkaa 2ffaa qabachuun xumuran waliin erga tapha moohanii dabruu taphatan booda, kanneen sadarkaa 1ffaa hanga 3ffaan xumuran pirimar liigii Itoophiyaa bara 2014 irratti kan hirmaatan taha.

Yoo kilaboonni naannoo Tigraayi sadeen jechuuniis; maqale Sabaandartaa, Sihuul Shiree fi kilabiin Yunivarsitii Walwaalloo Addigraat pirimar liigii Itiyoophiyaa bara 2014 irratti hirmaachuu baatan immoo, murtiin filannoo 2ffaa koree hoji raawwachiiftuu federeeshinii kubbaa miila Itoophiyaa kan hojiirra oolu taha.

Taphni (play off) yookiin moohanii dabruu kun Waxabajjii 18, bara 2013 irraa eegaluun magaalaa Hawaasaatti kan gaggeeyfamu tahuuniis beekkamee jira.

## PAARTII ...

Fuula 1 irraa naanna'e

qaadhimamtoota Paartiin Badhaadhinaa Araddaa Adaadaatti dhiheefateedha.

Jiraatonni Araddaa Adaadaa kum sadii fi dhibba saddeet caalan Kaardii filatootaa fudhachuun guyyaa Filannoo sagaleen qaama akka isaan bilchu barbaadan filachuuf qophaa'aa jiraachuu beekuun danda'ameera.

# Ispoortii



## ATLEET LATTASANBAT GIDAY MEETIRA KUMA 10 RIIKKARDII ADDUNYAA HAARAA GALMEEYSITE.

Riikkardii haaraa guyyaa sadi dura Siifan Hasaniin qabamee ture Lattasanbat fooyyeeysitee jirti.

Siifan rikkardii addunyaa fiigicha fageenya 10,000m dubartootaa kanaan dura Atileet Almaaz Ayyaanaatiin qabamee ture sekondii 10 oliin foyyeessuun ture Dilbata rikkardii haaraa galmeeysitee turte.

Riikkardii meetira kuma 10 daqiiqaa 29 seekoondii 6 fi maaykiroo seekoondii 82 Siifan Hasaniin qabamee ture dorgommii Neezarlaand Heengoolootti gaggeeffameen Lattasanbat Daqiiqaa 29 seekoondii 1 fi maaykiroo seekoondii 3 fooyyeessuun sa’aatii ariifataa addunyaa haaraa galmeessuu dandeessee jirti.

Atleet Lattasanbat Riikkardii fageenya meetira kuma 5 addunyaa qabattee jirtu dabalataan Meetira kuma10 kan dhuunfaa ishee taasiisuu dandeessee jirti.

Kanaanis addunyaarratti Atleet Ingiriid Kiriistasanitti aantee ishee jalqabaa taatee jirti.




## FEDEREESHINIIN KUBBAA MIILA ITOOPHIYAA KILABOOTA PIRIMAR LIIGII ITOOPHIYAA BARA 2014 IRRATTI HIRMAATAN ILAALCHISEE MURTII DABARSE.

Torbaan muraasa dura Federeeshiniin kubbaa miila Itoophiyaa erga kilaboota naannoo Tigraayi waliin mari'ate booda ibsa baaseen, kilaboonni naannichaa pirimar liigii Itoophiyaa bara 2014 irratti hirmaachuuf fedhii qabaachuu eeruun, dhimma kana ilaalchisee yeroo gabaabaa keessatti akka murtii xumuraa beeysisu ibsuun ni yaadatama.

Dhimmuma kanaan walqabatee wal gahii hatattamaa kan gaggeeyse koreen hoji raawwachiiftuu Federeeshinii kubbaa miila Itoophiyaa filannoon lammaffaa akka barbaachisu amanuun murtii dabarsee jira.

Korichi bu'uruma kanaan kilaboota pirimar liigii Itoophiyaa bara 2014 irratti hirmaatan adda baasuuf, akka filannoo lammaffaatti gargaara ja'ee murtii dabarseen kilaboonni pirimar liigii Itoophiyaa 2013 gara liigii ol'aanaa gad bu'anii fi kilaboonni liigii ol'aanaa Itoophiyaa 2013'n ramaddii sadeenirraa sadarkaa 2ffaa qabachuun xumuran ammumarraa tapha moohanii dabruu (play off) waliin taasisuun kanneen sadarkaa tokkoo hanga sadiin xumuran hirmaachuu fi dhiisuu kilaboota Naannoo Tigraayi akka eeggatan murtii dabarsee jira.

Kilaboonni Naannoo Tigraayi sadeen pirimar liigii Itoophiyaa bara 2014 irratti hirmaachuuf yoo yeroo galmee eeggatanii kan galmaa'an tahe, filannoon lammaffaa koree hoji raawwachiiftuu Federeeshinii kubbaa miila Itoophiyaan dhiyaate kun kan hojiirra hin oolle tahuus korichi ibsa

(Gara fuula 11 tti naanna’e)

## DORGOMIIN DIVIZIYOONA OL'AANAA DIRREE INJIFANNOO GANDA SHABEELIIN XUMURAME



Dorgommii kana xumuraaf kan ga'an Gareen Ganda Shabeelii fi Gareen Waaliyaa yoo ta'an taphni Garee lamaan jidduutti taadifamees walqixaan xumuramee Adabbiin Gareen Ganda Shabeelii 10 fi 9 Gareen Waaliyaa Injifachuun dorgommiin Diviziyoona ol'aanaa kubbaa miilaa Dirree dhawaa kan bara 2013 Injifannoo Ganda Shabeeliin xumurame.

Itti Aanaa Kantiibaa Bulchiinsaa fi Hoogganaa Biiroo Daldala Indastiriin fi Investimentii Obbo Kadir Juhaar keessumaa kabajaa ta'uun dorgommii Xumuraa kan Diviziyoona ol'aanaa kubbaa miilaa Dirree dhawaa kan bara 2013 irratti argamuun garee injifateef badhaasa laataniiru.

**JAALALAA FI DHIIFAMAAN IDAA’AMUUN BU’URA JABAA AMNA BADHAADHINA KEENYAATI!!**